# TOOFTAALEE OGUMMAA DUBBISUU AFAAN OROMOO KUTAA KEESSATTI SHAAKALSIIFAMAN: BULCHIINSA MAGAALAA FINFINNEETTI MANA BARUMSAA BURQAA WAYYOO SADARKAA TOKKOFFAA KUTAA SADAFFAA

**NATSAANNAT MARIID**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# TOOFTAALEE OGUMMAA DUBBISUU AFAAN OROMOO KUTAA KEESSATTI SHAAKALSIIFAMAN:BULCHIINSA MAGAALAA FINFINNEETTI MANA BARUMSAA BURQAA WAYYOO SADARKAA TOKKOFFAA KUTAA SADAFFAA

**NATSAANNAT MARIID**

**GORSAAN: DR. DINQEESSAA DHEERESSAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**
**FINFINNEE**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**
**Dhaabbata Digiri[illegible]aatiina Booddee**

Waraqaa Qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookilooriin guuttachuuf Natsaannat Mariidiin mata duree: “*Tooftaalee Ogummaa Dubbisuu Afaan Oromoo Kutaa Keessatti Shaakalsiifaman; Xiyyeeffannoo Mana Barumsaa Burqaa Wayyoo Sadarkaa Tokkoffaa, Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Keessatti*” kan jedhurratti qophaa’ee sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa’e guutteera.

Koree Qormaataa:

Qoraa Alaa: ______________________Mallattoo ____________ Guyyaa ____________________

Qoraa Keessaa: ___________________Mallattoo _____________Guyyaa ____________________

Gorsaa: ________________________Mallattoo _____________Guyyaa ___________________

_____________________________________________________________

Ittigaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaaffaa (MA)

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta’uu isaafi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhihaanne ta’uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta’een fudhadhee wabii keessattis kaa’uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa   Natsaannat Mariid

Mallattoo............................................

Guyyaa...............................................

## *Axareeraa*

*Kaayyoon qorannoo kanaa tooftaalee ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo kutaa 3ffaa Mana Barumsaa Sadarkaa tokkoffaa Burqaa Wayyoo keessatti shaakalsiifaman xiinxaluudha.Malli qorattuun qorannoo kana keessatti dhimma itti baate mala qorannoo akkamtaati.Iddattoonni filatamanis barsiisota afur kanneen Afaan Oromoo mana barumsaa kana irraa kutaa sadaffaa barsiisan hunda.Kan isaan filatamanis mala kaayyeffataadhaani. Akkasumas, dareewwan daawwataman ilaalchisee kutaa barsiisonni barsiisan seenan mala kaayyeffataa fayyadamuun dareewwan hundi fudhatamanii dareen afur qaacceffamanii jiru.Meeshaaleen funaansa ragaalee hojiirra oolan afgaaffiifi daawwannaa dareeti.Qorattuun odeeffannoo afgaaffiin barsiisotarraafi daawwannaa daree irraa argatte mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun,akkaataa walitti dhihaannaa yaadaatiin jechaan ibsite.Ragaaleen funaanaman bifa walfakkaatuun erga qindaa'anii booda xiinxalamuun hiikaman.Xiinxallii kanaanis hanqinoonni mul'atan barattoonni dubbisa daree keessatti yeroo shaakalsiifaman tooftaalee ogummaa dubbisuutti dhimma bahuun xiyyeeffannoo kan hinarganne ta'uu,barsiisonni tooftaalee dubbisuu kanas akkaataawwan dubbisuutiin walqabsiisuun kan hindhiyeessine ta'uu, akkaataa tooftaaleen dubbisuu qaban hojiirra kan hinoolchineefi daree barnootaa keessatti akkaataan dubbisa itti shaakalsiisan tooftaalee ogummaa dubbisuu giddugaleessa godhachuun hojii irra oolchaa kan hinjirre ta'uufi ulaagaa dubbisni gaariin guutuu qabutti gargaaramuun dubbisa akka hinshaakalsiifne mirkaneeffame. Hanqinoota tooftaalee ogummaa dubbisuu mana barumsaa maqaan dhahame kana keessatti mul'atan kanaafis akka yaada furmaataatti qorattuudhaan kan ka'aman xiyyeeffannoon tooftaalee dubbisuu qofa osoo hintaane akkaataa itti tooftaalee kanaan dubbisan, tooftaalee ogummaa dubbisuufi akkaataa itti tooftaalee ogummaa dubbisuu kanatti fayyadamuun dubbisuu shaakalan irratti hubannoon kennamuu akka qabu,raawwii barattoonni akkaataa shaakallii dubbisuu irratti agarsiisan duukaa bu'uun hordofuufi barsiisonni faayidaa tooftaalee ogummaa dubbisuu shaakalchiisuun qabu irratti hubannoo barattootaa gabbisuuf qophii dursaa taasisuun; ulaagaalee dubbisi gaariin tokko guutuu qabu fayyadamuun hojiitti hiikuufi ciminaan hojjechuu qabu.*

# Galata

Duraan dursee kallattii hundumaatiin ana cina goree waan hundumaa dabarsee barnoota kanaaf akkan carroomu isa nataasise uumaa uumamaaf galanni hamma bara baraatti dhuma kan hinqabne isaaf haata’un jedha. Itti aansuun qorannoo kana akkan gaggeessuuf yeroo isaanii aarsaa gochuun nuffii tokko malee gorsa ogummaa naaf kennuun kallattii kan naqabsiisan gorsaa koo Dr. Dinqeessaa Dheeressaa galannifi kabaji ani isaaniif qabu baay’ee olaanaadha. Akkasumas yaadaafi gorsa barbaachisaa ta’een nabira dhaabatanii kan jabaadhu naan jechaa turan haadha koo aadde Tuujubee Abdiisaa, obboloota koofi hiryoota waliin hojjedhu hundaan galatoomaan jedhaan.

# Baafata


**Qabiyyaa** **Fuula**

Axareeraa ........ **i**

Galata ........ **ii**

Baafata ........ **iii**

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Ariirrata Qorannichaa ........ 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa ........ 4

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 6

1.4. Faayidaa Qorannichaa ........ 6

1.5 Daangaa Qorannichaa ........ 6

1.6 Hanqina Qorannichaa ........ 7

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

2.1 Sakatta'a Barruu Yaadrimee ........ 8

2.1.1 Maalummaa Dandeettii Dubbisuu ........ 8

2.1.2 Faayidaa Dandeettii Dubbisuu ........ 12

2.1.3 Akkaataa Dubbisuu Barsiisuu ........ 14

2.1.4. Tooftaalee Dandeettii Dubbisuu (The Reading Method) ........ 21

2.1.5. Haalota Dandeettii Dubbisuu Afaan tokkoorratti dhiibbaa geessisan ........ 24

2.2 Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 25

BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA

3.1 Saxaxa Qorannichaa ........ 27

3.2. Madda Ragaalee ........ 28

3.3. Mala Iddatteessuu ........ 30

3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........ 31

3.4.1 Af gaaffii ........ 32

3.4.2 Daawwannaa Daree ........ 33

3.5 Adeemsa Ragaaleen Ittiin Walitti Qabaman ........ 35

3.6 Mala Odeeffannoon Ittiin Qaacceffamu ........ 35

BOQONNAA AFUR: IBSAAFI XIINXALA RAGAALEE
4.1 Seenduubee Barsiisotaa ........ 29
4.2 Qaaccessa Odeeffannoo Daawwannaa Dareetiin Argame Ilaalchisee ........ 36
4.2.1 Dubbisa Sagaloo Shaakalsiisuudhaan Madaaluu Ilaalchisee ........ 37
4.2.2. Ariitiin /Saffisaafi Sakatta'aan/ Dubbisuu Barattootaa Ilaalchisee ........ 40
4.2.3 Dubbisa callisaa shaakalsiisuu ilaalchiee ........ 41
4.2.4 Sadarkaa Dandeettiin Dubbisuu Barattootaa Irra Jiru ........ 42
4.2.5. Dubbisuu Shaakaluu Daree Barnootaan Alatti ........ 44
4.2.6. Duubee barattootaafi tooftaalee dubbisuu hubannoo keessa galchuu ........ 45
4.2.7 Dandeettii dubbisuu Barattootaa irratti wantoota Dhiibbaa Fidaa Jiran Ilaalchisee ........ 47
4.3. Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barsiisotaaf dhihaateen Argame ........ 48
4.3.1 Akkaataa itti dubbisa tooftaalee dubbisuutiin fayyadamanii shaakalsiisan irratti ........ 49
4.3.2 Sadarkaa dandeettiin Afaan Oromoo dubbisuu barattootaa irra jiru ........ 51
4.3.3 Duubee barattootaa bu'uureffachuun tooftaalee dubbisuu shaakalsiisuu irratti ........ 52
4.3.4 Barattoota Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenye deeggaruu irratti yaada barsiisotaa ........ 54
4.3.5 Dandeettii Dubbisuu barattootaa irratti wantoota dhiibbaa fidan ........ 54
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO
5.1 Cuunfaa ........ 56
5.2 Argannoo ........ 59
5.3 Yaboo ........ 60
**Wabii ........ 51**
Dabalee A
Dabalee B
Dabalee C
Dabalee D
Dabalee E

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Ariirrata Qorannichaa

Ogummaawwan afaanii kanneen gurguddoo jedhamuun beekaman dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuudha. Ogummaawwan kanneen keessaa dubbisuufi dhaggeeffachuun karaa ittiin ergaa fudhannu yoo ta’an, barreessuufi dubbachuun immoo karaa ergaa ittiin dabarfannuudha. Dhaamsa darbaa jiruufi barreeffama dhihaate tokko kallattii sirrii ta’een yoo hindubbisne ergaa dhihaate hubachuun hindanda’amu. Kanaafuu, barreeffama dhiyaate sirriitti ergaa isaa hubachuuf ogummaa dubbisuu qabaachuun murteessaadha. Geetaachoo, (2016) akka jedhutti dubbisuun walquunnamtii barreeffamaafi dubbisaa gidduutti taasifamuudha. Kunis karaa barreessaan dubbisaadhaaf ergaa ittiin dabarsu ta’ee, dubbisaan kan ergaa ittiin fudhatu ta’uun tajaajila kenna.

Dubbisuun ogummaawwan afaanii afran keessaa isa tokko ta’ee ogummaawwan hafan biroof bu’uura. Geetaachoo, (1996:16) irratti “Ogummaan dubbisuu ogummaawwan afaanii afran keessaa dandeettii isa baay’ee barbaachisaadha.”jedha. Kana jechuun ogummaan dubbisuu kallattii garaagaraa irratti akka tajaatila kennu mul’isa. Fakkeenyaaf, namni dubbisuu danda’u dubbisee wanta isa miidhuufi fayyadu addaan baafachuu danda’a. Kanaaf,dubbisuudhaan bu’aa hedduu argachuun nidanda’ama.

Dubbisuun beekumsa kamiifiyyuu furtuudha. Barumsi kamiyyuu karaa dubbisuu argama. Kana jechuun ogummaan dubbisuu karaa namni ittiin gara beekumsaatti cehu ta’uu agarsiisa. Haata’u malee tooftaan dubbisuu barachuu isa kam gaaffii jedhuuf deebiin kennamu tokko miti. (Rayner et al. 2002, p.85). Kunis tooftaaleen ogummaa dubbisuu ittiin argatan garaa garaa akka jiran nutti agarsiisa.Kanaaf,dubbisuudhaan dura tooftaa ittiin dubbisuu baruun danda’amu adda baafachuun gaarii ta’a. Sababiin isaa tooftaa ittiin dubbisan adda baasanii yoo hinbeekne ogummaa dubbisuutiin milkaa’uun rakkisaadha.Ogummaa dubbisuutiin yoo hinmilkaa’in furtuu beekumsaa wallaaluutu dhufa. Kanaaf, milkaa’ina dubbisuu keenyaatiif maloota ogummaa dubbisuu kam akka ta’an adda baasanii beekuun itti fayyadamuun barbaachisaadha.

Achaas dhufa ogummaa dubbisuu keessatti tooftaaleen ittiin shaakalan garaagaraa akka turan qorannoon garaagaraa ni ibsu.Fakkeenyaaf, Tolamaaram, (2017:1) irratti akka lakkoofsa Awurooppaatti 1990oota dura malli dubbisuu barsiisuu sagaleefi qubee walitti firoomsuun ture.

Keessumaa Ameeriikaatti xiyyeeffannoo guddaan mala kanatti akka laatamaa ture kitaabni kun fuuluma kanarratti dabalee ibsee jira.Akka xiyyeeffannoo kanaattis sagaleefi qubee walitti firoomsuudhaan dubbisuu barachuun akka danda'amu, kunis karaa ittiin ogummaa dubbisuu gabbifachuun danda'amu ta'uu hubachiisa.Karaa biraa yaada kana irraa akka hubatamutti maloonni ogummaa dubbisuu gabbifachuudhaaf fayyadan kun yeroo sanatti dandeettii xiinxaluu dabaluu akka danda'aniidha.

Tooftaan dubbisuu olitti ibsame kun amma kutaa keessatti itti gargaaramaa haa jiraatu malee tooftaalee kanbiroodhaan akka bakka buufame ifoomeera. Kunis, tooftaalee dubbisuu barsiisuu akka waliigalaatti addunyaa irratti beekamaniin yoo ta'u, isaanis, guutuu jechaa (Whole-word), Fooniksii (phonics)fi guutuu afaanii (Whole-language) jedhamu.(Tolamaaram,2017). Tooftaaleen kunniinis ogummaa dubbisuu barsiisuu keessatti akka addunyaatti tajaajila kennaa waan jiraniif bu'aa walqixxummaa dhala namaa fiduu keessatti gumaacha olaanaa qabu.

Karaa biraa, tooftaalee barsiisonni barattoonni isaanii gahumsa barbaadameen akka dubbisan ittiin gargaaran baay'ee jiran keessaa: yeroo hunda dubbisaafi hima gahumsaan akka dubbisan shaakalsiisuu; barattoonni dubbisa saffisa sirrummaafi qulqullinaan dubbisuu shaakalanii akka ogummaa dubbisuu fooyyeeffataniifi dubbisa walitti dhufeenya qabu akka dubbisan gochuun gargaaruu; jechoota keessaa akka sagalee waamaniif ykn maqaa sagalee dubbiifi qubeefi dhamsagaa jechoota akka dubbisan gaafachuu; dubbisa tokko sagalee olkaasuun hiriyoota isaanii wajjin akka dubbisan (yerooma tokko dubbisan) ykn dhuunfaan dubbisan gochuu qabu.(USAID/ ETHIOPIA 2014:52).

Kanumaan walqabatee,Naannoo Oromiyaa manneen hojii mootummaafi miti mootummaa keessatti hojjechuuf Afaan Oromoo dubbisuu danda'uun ulaagaalee jiran keessaa isa olaanaadha.Magaalaan Finfinnee magaalota Oromiyaa keessaa ishee guddoofi handhuura naanichaati.Magaalaa kana keessattis barnoonni Afaan Oromootiin sadarkaa Barnoota Idileen Duraatii (BID) eegalee hamma kutaa saddeetiitti ALH tti bara 2010 eegalee kennamaa jiraachuun isaa beekamaadha.Kan kennamaa jirus manneen barnootaa mootummaa hunda keessatti osoo hinta'in bakkeewwan muraasa keessatti yoo ta'u, manni barumsaa Burqaa Wayyoo isaan keessaa isa tokko.

Barattoonni yeroo ammaa kana mana barumsaa kana keessatti baratataa jiran kanneen kallattii garaa garaa irraa dhufaniidha.Kaan naannawwa magaalaa Finfinnee irraa kan dhufan yoo ta'u, kaan immoo magaalaadhuma Finfinnee keessaa dhufan. Kanneen magaalaa kana keessaa dhufanis ta'ee naannoo ishee irraa dhufan barnoota kan ittiin barachaa turan Afaan Oromootiin osoo hintaane Afaan Amaaraatiini. Kunis kan adda baafame barattoota qorachuudhaani. Ka'umsa kanarraa ka'uun hiriyoota isaanii waliin mooraa mana barumsaa keessaafi daree keessattillee yeroo yaada wal jijjiiran Afaan Amaaraatiin kan gargaaraman ta'uun isaa mul'achaa ture. Kun immoo miidhaan isaa barattoonni dubbisa Afaan Oromootiin dubbisuuf rakkoo ta'uu danda'a.Sababiin isaa, barattoonni kun barnoota Afaan Oromootiin barachaa waliigalteedhaaf (communication) immoo afaan biraa fayyadamuun isaanii ogummaa dubbisuu gabbifachuuf sadarkaa dandeettii isaanii gadi buusa.

Akkasumas, barattoonni dubbisuu irratti fedhiifi ilaalchawwan garaagaraa qabu. Baddiluu, (1996:31) irratti immoo ilaalcha barattoonni dubbisuu irratti qaban yeroo ibsu,"Yeroo baay'ee barattoonni daree barnootaa keessatti kan dubbisan fedhiin osoo hintaane waan barsiisaan ajajeef yookiin kitaaba isaanii irra jiraateef qofa." jedha. Kunis ka'umsi isaa tooftaaleen dubbisuu ittiin shaakalaa dhufan nuffisiisaa ta'uu irraa kan ka'e ta'uu danda'a. Kanaaf, barsiisaan barattoonni ilaalcha akkasii keessatti akka hinguddanneefi fedhiin dubbisuu isaanii akka dabalu tooftaalee faayida qabeessa ta'an filachuun shaakalsiisuun ilaalcha isaanii geeddaruun murteessaadha.

Kanaafuu, yaada hayyoonni kennan kanarraa akka hubatamutti ogummaan dubbisuu kan gabbatu dubbisuudhaan yoo ta'u, fedhiin jiraachuun immoo ogummaa dubbisuu dubbisuu shaakaluudhaan gabbifachuun nidanda'ama.Barattoonni dubbisuu akka dirqamaa qofatti akka hinilaalle fedhiin akka keessatti horamuufi jaalala dubbisuu akka gabbifatan deeggaruun barbaachisaadha.Tooftaalee gaarii ta'an filatanii dubbisuu shaakalsiisuunis barbaachisaadha. Barattoonnis kana hubachuun ogummaa dubbisuu ofii cimsuuf dirqamanii osoo hintaane nuffii tokko malee fedhii isaaniitiin tattaaffii gochuun isaanirraa kan eegamu ta'uu beekanii dubbisuu shaakaluu qabu.

Dabalataanis Seesan, (1997:145) akka jedhutti, "Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti hojiin bal'aan kan hojjetamu karaa dubbisuutiin ta'ee tartiiba sagalee (letters of alphabet) hubachuu irraa eegalee hanga jechootaafi himoota akkasumas wantoota barreeffaman hunda dubbisuu danda'uudha." jedha. Ogummaa dubbisuu qabaannaan wantoota barreeffaman hunda dubbisuun

nidanda’ama. Kana raawwachuuf immoo adeemsa dubbisuu beekuun barbaachisaa akka ta’e yaadi kun nuhubachiisa. Innis, sagalee,jechootaafi himoota kkf beekuu barbaachisa. Kana jechuun tooftaalee ittiin ogummaa dubbisuu shaakalsiisan keessaa isa tokko.

Gabaabumatti ogummaa dubbisuu gabbifachuuf tooftaalee dubbisuu garaagaraa jiran beekanii barattoota shaakalsiisuun dhimma murteessaadha. Kunis barattoonni dubbistoota cimoo akka ta’aniif gahee olaanaa qaba. Akkasumas, tooftaalee dubbisuu addunyaa irratti beekaman ofitti fudhachuun hojiirra oolchuun dhimma xiyyeeffannoo barbaadu.

Haata’u malee garuu, yeroo baay’ee muuxannoo qorattuu kana irraa wanti hubatamu barsiisoti ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo gabbisuuf tooftaalee ittiin barattoota shaakalsiisan osoo giddu galeessa hingodhatin dubbisisiiuuf eegaluun barattoonni akkaataa itti dubbisni dubbifamu hinbarin akka hafan isaan taasisa. Kun immoo galma tooftaalee dubbisuu bira gahuu dhabuu barattootaa agarsiisa. Kana jechuun namni tokko barruu tokko dubbisuuf tooftaa ittiin dubbisu beekuun ogummaa dubbisuu gabbifachuu jechuudha. Kanaafuu, qorannoon kunis tooftaalee ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo kutaa keessatti shaakalsiisuu kan jedhu xiyyeeffatee Mana Brumsaa Sadarkaa Tokkoffaa Burqaa Wayyoo kutaa sadaffaa irratti gaggeeffame.

**1.2 Ka’umsa Qorannichaa**

Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti barnoonni Afaan Oromootiin sadarkaa gadiitti (Barnoota Idileen Duraafi kutaa 1-8) kennamuu kan eegale ALH tti bara 2010 kaasee yeroo ta’u, kunis manneen barnootaa afur keessatti. Isaanis: Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu, Jeneraal Waaqoo Guutuu, Gaara Guuriifi Burqaa Wayyooti. Manni Barumsaa Burqaa Wayyoo isaan afran keessaa isa tokko yoo ta’u, barattoonni mana barumsichaa baay’een isaanii dubbisa Afaan Oromootiin dubbisuu mitii qubee Afaan Oromoo maal akka fakkaatuufi akkamitti akka sagaleeffamu hubannoo isaa hinqaban.

Kana ilaalchisee turtii yeroo gabaabaa waggaa lamaa kana keessattis haalli barnoonni dubbisuu ittiin adeemsifamaa jiru akkuma barattoota kanneen Afaan Oromootiin afaan hiikkatan itti shaakalaniin malee deeggarsi addaa gama dubbisuutiin taasifameefii jiru hinmul’atu. Sababiin kun jedhameefis kitaabni addatti ogummaa Afaan Oromoo dubbisuu gabbifachuu barattoota kanaa deeggaruuf qophaa’eefi yeroon addatti dubbisuu shaakaluudhaaf saganteeffamee argame waan hinjirreef. Akkasumas, manni dubbisaa (library) qophaa’ee tajaajila irraa argachaa hinjiran.

Kun ta'uun immoo fedhii dubbisa Afaan Oromoo dubbisuuf barattoonni kun qaban gadi jalaa buusuu irra darbee akka isaan mujujan taasisa. Barsiisonnis yeroo dubbisa itti shaakalsiisan addaa waan hinqabneef tooftaalee ittiin dubbisa shaakalsiisan filachuun qophaa'nii barattoota kana akka hingargaarre dhiibbaa irraatti fida.Waan kana ta'eef barsiisonni tooftaalee dubbisuu kamiin dubbisa qubee Afaan Oromootiin barreeffame dubbisuu shaakalsiisaa jiruufi yoo maaltu ta'e jijjiiramni ogummaa dubbisuu isaanii irratti argama kan jedhu qorattuu kakaaseera.

Barattoonni kun duraan Afaan Oromootiin barachaa waan hinturreef dubbisuu hinbeekan.Naannoon isaan jiran kun immoo afaan kana salphaatti barsiisuuf mijataa miti.Kanaaf, tooftaan barsiisonni ittiin dubbisuu barsiisan murteessaa ta'a. Kanuma irraa ka'uun, qorattuun qorannoo kanaa manneen barnootaa magaalaa Finfinnee keessa jiran keessaa Mana Barumsaa Burqaa Wayyoo sadarkaa 1ffaa kutaa 3ffaa keessatti tooftaaleen ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo akkaataa itti shaakalsiifamaa jiran xiinxaluu ka'umsa godhachuun qorannoo ishee geggeessite.

Kana xiinxaluufis gaaffileen qorannoof qophaa'an:

**1.** Barattoonni tooftaa attamiitiin dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu barachaa jiru?

**2.** Tooftaan Barsiisonni filatanii dubbisa Afaan Oromoo shaakalsiisaa jiran bu'aa akkamii agarsiisa?

3. Barsiisonni duubee barattootaa bu'uureffatanii deegarsa akkamii gochuun dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu shaakalsiisu?

4. Tooftaalee ogummaa dubbisuu barattoottoonni ittiin shaakalan irratti wantoonni dhiibbaa fidaa jiran maal fa'i?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo yaada dimishaashaa qorannichaati.Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti Mana Barumsaa Burqaaa Wayyoo Sadarkaa 1ffaatti barattoonni kutaa 3ffaa tooftaalee ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo akkaataa kamiin akka shaakalsiifamaa jiran xiinxaluun yaada furmaataa kaa'uudha.

Kaayyoolee gooreen qorannichaa immoo kanneen gaditti tarreeffaman hammata.

1. Barattoonni tooftaa attamiitiin dubbisuu barachaa akka jiran ibsuu.
2. Tooftaan Barsiisonni filatanii dubbisa Afaan Oromoo shaakalsiisaa jiran bu'aa akkamii agarsiisa?
3. Barsiisonni duubee barattootaa bu'uureffatanii deeggarsa akkamii gochuun dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu akka shaakalsiisan adda baasuu.
4. Tooftaalee ogummaa dubbisuu barattootaa irratti wantoonni dhiibbaa fidaa jiran maal fa'i akka ta'an ibsuu.

### 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun yeroo xumuramu qaamolee garaagaraatiif tooftaaleen ogummaa dubbisuu akkaataa ittiin shaakalsiifaman gabbisuuf daree barnoota afaanii keessattis ta'e dareen alatti tajaajila ni kenna. Haaluma kanaan qaamolee qorannoo kanatti fayyadamuu barbaadaniif gabaasa qorannoo kanaa bakka namni itti fayyadamuu danda'u mana kitaabaa kaa'uufiin salphaatti akka itti fayyaman nitaasifama.Qaamoleen kunis:

- Tooftaaleen ogummaa dubbisuu maaliif akka barbaachisan hawaasni mana barumsaa hundi hubannoo irraa argachuu danda'u.
- Barsiisota afaan barsiisaniif hubannaa uumuu danda'a.
- Ogeessota silabasii barnootaa, qajeelcha barsiisaa,kitaaba barnootaafi kanneen biroo barnootaan walqabatan qopheessaniif madda odeeffannoo ta'uu danda'a.
- Namoota fuulduratti qorannoo dhimma kanarratti qopheessaniif ka'umsa ta'a.

### 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan xiyyeeffatu xiinxala tooftaalee ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti akkaataa ittiin shaakalsiifamuudha. Naannoon qorannoon kun hammatus

Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti ta’ee, Kutaa Magaalaa Laaftoo, mana barumsaa Burqaa Wayyoo sadarkaa 1ffaa keessatti barattoota bara 2011 kutaa 3ffaa galmaa’anii barachaa jiraniifi barsiisota mana barumsaa kana keessatti Afaan Oromoo kutaa kana barsiisaa jirani. Manni barumsaa kun iddattoo kaayyeffataa fayyadamuun filatame.

Sababni qorattuun mana barumsaa kana filatteefis waggaa jalqabaa manni barumsaa kun tajaajila kennuu eegalee kaasee achii barsiisaa waan jirtuuf tooftaalee ogummaa dubbisuu irratti hanqinaalee barattoota Afaan Oromoo baratan mudachaa jiran adda baafachuuf mala dhahaa turteetti. Akkasumas ragaalee adda addaa argachuuf haalli mijataan jiraachuu danda’a jettee waan amanteefi. Itti dabalees, hanqina yeroofi leecalloorraa kan ka’e qorattuun qorannoo ishee mana barumsaa kana qofarratti daangessite. Qorannoon kunis daangaan isaa mana barumsaa kana qofarratti yoo ta’eyyuu, manneen barnootaa magaalaa Finfinnee keessatti barnoota Afaan Oromootiin kennaa jiran hundaaf bu’a qabeessa ta’uu danda’a jedhamee yaadama.

**1.6 Hanqina Qorannichaa**

Qorannoo kana geggeessuu keessatti wantoonni gufuu ta’an hedduun turan. Qorannoon kun mana barumsaa sadarkaa 1ffaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessa jiran hunda irratti osoo geggeeffamee gaarii ture. Haata’u malee hojii idilee qorattuu waliin waan hindeemneef,mana barumsaa magaalaa Finfinnee keessatti argaman keessaa mana barumsaa Burqaa Wayyoo sadarkaa 1ffaa qofa irratti akka geggeeffamu ta’e.

Kana malees, tooftaalee ogummaa dubbisuu gabbifachuu hunda xiinxaluuf kallattii garaagaraatu ilaalama. Kallattiiwwan kanneen hundaan qorachuuf immoo wantoonni rakkisoo ta’an hedduun nijiru. Isaanis fakkeenyaaf, kanneen akka qabiyyee mataduree kana ta’uu dhabuu kallattiiwwanii fa’i. Waan kana ta’eef qorattuun, tooftaalee ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo daree keessatti shaakalsiifaman xiinxaluuf barattoota kutaa 3ffaa irratti xiyyeeffatte. Xiinxala kana qorattuun utuu dubbisanii hubachuu, kaayyoo dubbisuu, akkasumas caasluga irratti geggeessitee gaarii ture. Haata’u malee yeroo bal’aafi baajata baay’ee waan barbaachisuuf kana hunda raawwachuuf hindanda’amne. Kanaafuu,hanqina qorannoo kanaa guutuuf warri hafan kun nama qorannoo waa’ee dubbisuu irratti hojjechuu barbaadeen hojjetamuu danda’u.

# Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruu

## 2.1 Sakatta’a Barruu Yaadrimee

Sakkatta’a barruu jechuun yaada hayyooti adda addaa kennan jechuudha. Kunis akkuma matadureen qorannichaa garaa gara ta’u yaada hayyootaa garaagaratti sakatta’uurratti kan xiyyeeffatuudha.Kanaafuu boqonnaa kana keessatti waa’ee mataduree qorannichaa ilaalchisee yaadni beektotaa sakatta’amee jira.Mata duree kana jalatti wantoota boqonnaa tokko jalatti tuqaman irratti hojii tooflee ogummaa dubbisuu barattootaa gabbisuuf shakalsiifamaniifi gaaffilee bu’uuraa kanneen akka dandeettiin dubbisuu maali? Faayidaan dandeettii dubbisuu maali? Kaayyoon dhihaannaa tooftaalee dandeettii dubbisuu maali? kan jedhan kaasuun barbaachisaadha.Qorattuunis xiyyeeffannoo qorannoo kanaa yaada hayyootaatiin walqabsiistee bifa qindaa’aa ta’een tartiibaan akka itti aanutti dhiheessitee jirti.

### 2.1.1 Ogummaa Dubbisuu

Dubbisuun ogummaawwan afaanii warreen gurguddoo afran keessaa tokko ta’ee waan barreeffamee jiru tokko ijaan ilaaluun gara sammuutti fidanii hiika itti laachuudha. Kana jechuun mallattoo yookaan yaada gara sammuutti nama dhufeef hiikni itti kennamuuf qophaa’eedha. Ijaan ilaalee gara sammuutti fidee hiika itti laachuu kan danda’u immoo nama qubeefi sagalee afaan ittiin dubbisu walitti firoomsuu danda’uudha.

Ilaalchaafi itti fayyadama dubbisuuf qaban irraa kan ka’e hayyoonni garaagaraa dubbisuudhaaf hiiki garaagaraa akka laatamu taasisaniiru. Nuttal, (1989:139) yeroo ibsitu,”Reading is a thinking process where by one gets meaning from symbols by relating them to his own meaning experience.” jetti. Kunis adeemsa karaa ittiin mallattoolee afaan tokkoo muuxannoo qabaniin walqabsiisuun hiika argachuudha. Toora interneetii Reading-wikpedia jedhurrattis,”Reading is the complex coginitive process of decoding symbols to derive meaning.” jedha. Kana jechuun dubbisuun adeemsa mallattoolee afaan tokkootti hiika laachuudha.

Wallace, (1992:43) dubbisuu yeroo ibsitu,” Reading is a process of extracting meaning from written texts or it is the cognitive process of understand or comprehending some of stored information or ideas” jetti.Akka hayyuu kanaattis dubbisuun, adeemsa waan barreeffame tokko irraa hiika isaa argachuu ykn beekumsa odeeffannoo walitti kuufame tokkoo argachuudha.

Yaadolee hayyootaa kana irraa wanti hubatamu, dubbisuun adeemsa karaa ittiin waan barreeffameefi mallattoolee afaan tokkoo sagalee waliin walitti fiduun muuxannoon walqabsiisanii hiika argachuu akka ta'edha.

Williams, (1984:24) dubbisuun dhaamsa barreessaan barreeffama keessa kaa'e hubachuu akka ta'etti ibsa.Moojuliin (Qopheessa Silabasiifi Meeshaalee Barnootaa) jedhus, dubbisuun gochaa hiika yookaan ergaa waan barreeffame waan maxxanfame irraa argachuu akka ta'e ibsa.Yaadolee kana lamaan irraa wanti hubatamu dubbisuun dandeettii waan barreeffame keessaa gochaa dubbisuutiin hiika argachuu dandeenyudha.Namni dubbisuu hindandeenye barreeffamarraa hiika argachuu akka rakkatus yaadi kun nuhubachiisa.

Maalummaa dubbisuu kana Wallace, (1992:12) irratti immoo yeroo ibsitu,"Reading is a process through which the reader wonders over the text and author share a common idea." jedha.Akka yaada kanaattis dubbisuun adeemsa barreeffama tokko hiika itti laachuufi karaa muuxannoo barreessaa tokkoo ittiin qooddannuudha.

Dubbisuun hiika barreeffamarraa argachuufi hiika gara sammuutti fiduu jechuudha.Yaada kana Nuttal, (1982) akka ibsitetti dubbisuun riqicha barreessaafi dubbisaa walquunnamsiisu ta'eeti karaa itti dubisaan odeeffannoo barreeffama tokkoo argatuudha. Kana irraa kan hubatamus dubbisuun daandii ce'umsa gara beekumsa gonfachuutti geessu ta'uu isaati. Dubbisaa cimaan muuxannoo kuusuu nibarbaada.Kana yoo hintaane waldiddaan yaadaa dubbisichaafi nama dubbisu gidduutti uumama.Rakkoo karaa kanaa hiikuuf dubbisuun dandeettii ifaafi gadifageenya qabu akka barbaadu beektonni garaa garaa nikaa'u.

Kitaabni Bamford, (2000:67) hiika dubbisuu yeroo ibsu,"…reading is the construction of meaning from a printed or written message." jedha. Kunis wanti inni hubachiisu dubbisuu jechuun hiika ykn ergaa waan barreeffamee jiru irraa argamu akka ta'edha.

Williams, (1984) maalummaa dubbisuu gabaabsee wayita kaa'u, dubbisuun adeemsa dubbisaan tokko ergaa barreeffame ittiin hubatuudha; akkasumas hiika itti laatu jechuun ibsa. Adeemsa yeroo jedhus gocha dubbisuu jechuu yeroo ta'u adeemsa kana keessatti dubbisaan barreeffama dubbisaa jiru sanatti hiika kenna. Hiikni dubbisa tokkoo kan argamu barreeffama keessa qofaa osoo hintaane dubbisa jechootaafi himoota achi keessatti argamanitti gargaaramuun hiika itti kenna. Dubbisaan yammuu barreeffama tokkotti hiika laatu wantoota barreeffamicha keessatti

argaman kan akka jechootaa, seera lugaafi himoota qofatti gargaaramuun miti. Kana gochuuf kan baay'ee barbaachisaa ta'e beekumsaafi muuxannoo dubbisaan sun duraan qabuudha. Beekumsaafi muuxannoo duraan qabu yaada barreeffama keessa jiru waliin qindeessuun hubannaa argateen hiika dubbisa sanatti kenna.Karaa biraa dubbisuun adeemsa dubbisaafi hafee (text) gidduutti haala tahee keessatti gaggeeffamuudha.Yeroo hiikni (meaning) itti argamudhas.

Dubbisuun beekumsa haaraa argachuuf ta'uu danda'a.Yaada kana kan fakkaatu Nuttal, (1982:2) irratti,"Dubbisuun odeeffannoo haaraa argachuuf murteessaadha." jetti.Kanaaf akka yaada kanaatti dubbisuun odeeffannoo waan kanaan dura hinbeekne tokko baruuf beekumsa dabalachuuf barbaachisaa akka ta'edha.

Walumaagalatti hiikni dubbisuuf kenname armaan olii dubbisuun: gochaa, adeemsa barreeffamatti hiika kennuu, riqichaafi hariiroo dubbisaafi barreessaa gidduu jiru kan mul'isu ta'uu hubanna.

**2.1.1.1. Akaakuuwwan Dubbisuu (Types (Geners) of Reading)**

Gosoonni dubbisuu kaayyoo gara garaa irratti hundaa'uun garaa gara ta'uu danda'u. As keessatti amaloota barreeffamni ittiin dubbifamu irratti hundaa'uudhaan gosoonni dubbisuu qoodaman. Barreeffamni tokkoon tokkoon isaa seera, ijaarsaafi amala mataa mataa isaa qaba. Dubbisaan barruu kanaas amaloota barreeffama sanaa beekee haala hiika qabuun dubbisuu qaba.Baay'ina amaloota barreeffama kanaatiin barruuwwan barnootaa hedduun kun dubbisaa haalaan karaa hundaa cime barbaadu jechuudha. Haala barruu irratti hundaa'uudhaan gosoota dubbisuu garaa garaa jiran kanneen armaan gadiiti. (Brown, 2003:186).

**A.Dubbisa Barnootaa (academic reading)**

Dubbisa dhimma barnootaa jalatti kan argaman kunneenis artikiloota fedhiilee garaa garaa agarsiisan, kanneen akka kuusaa kitaabilee (magazines) galaalchawwan (news paper)fi kanneen birooti. Gabaasaalee yaaliin wal qabatan kanneen akka gabaasa mana yaalii (lab reports), barruuwwan ogummaan maxxanfaman (professional articles), hiika jechootaa faati. Kitaabilee barnootaa, gabaasa qorannoo, barruuwwan yaada dhuunfaa garaa garaa agarsiisaniifi kkf of jalatti hammata. (Brown, 2003:186)

**B. Dubbisa Dalagaan wal qabatu (Job related reading)**

Dubbisni dalagaan walqabatu kanneen akka ergaawwan garaa garaa (ergaa bilbilaa), xalayaalee, imeeyiliiwwan, mimoo (Kanneen biiroon wal qabatan). Gabaasaawwan; gabaasa madaallii hojii, gabaasa pirojeektii, sagantaawwan garaa garaa, mallattoolee, beeksisa, bargaaffiiwwan, barreeffamoota herreegaa, agarsiistota garaa garaa kan akka (telekoominikeeshinii,waajjira) fi kkf dabalata. (Brown, 2003:187)

**C. Dubbisa Dhuunfaa (personal reading)**

Dubbisa dhuunfaa jalatti kanneen ilaalaman muraasni; galaalchawwan, barruuleewwan garaa garaa kan akka xalayaa, imeeyilii, affeerraalee, ergaalee adda addaa, yaadannoo,gabatee, kaartaa, kalaandara,beeksisa, asoosama, diraamaa, walaloo, gabaasaalee maallaqaa, gabaasa mana yaalaa, gabaasa sochiilee geejjibaafi kkf.dha.

Akka walii galaatti gosoota barreeffama armaan olii irratti dubbisaan tokko yoo hubannoo qabaate dubbisuun isaas tilmaama keessa gala.Dubbisaan ga’umsa qabu waan dubbisu tokko odeeffannoo isaa hunda waliin beekuu qaba.Kaayyoo barruu dubbise sanaas galmaan kan gahuuf odeeffannoolee akkaataa ittiin argatu qaba.

Qulqullinni adeemsa madaallii dubbisuus yeroo baay’ee gosoota barreeffamoota garaa garaa kanneen bu’uura godhachuun qophaa’a. Fakkeenyaaf, barruun tokko dhimma daawwannaa irratti dubbifama yoo ta’e, kan inni irratti fuulleffachuu qabu qajeelfamoota, kaartaa, geejjiba, kaalaandara, gabateewwan sagantaalee garaa garaafi dhimmoota kana fakkaatan irrattidha.Amala barreeffama keenyaa irratti hundaa’uudhaan haalli dubbisuufi dandeettiin dubbisa keenyaa xiyyeeffannoo guddaa keessa galaa deema. (Brown, 2003:187)

### 2.1.2 Faayidaa Ogummaa Dubbisuu

Ogummaan dubbisuu sirna barnoota afaanii keessatti faayidaa mataa isaa danda'e qaba. Akka qaama dandeettii afaanii tokkootti barnoota afaanii keessattis xiyyeeffannaa guddaa qaba. Kana malees, beekumsa nama tokkoo guddisuufi jireenya isaa sirreessuuf baay'ee barbaachisaadha. Ogummaan dubbisuu ogummaawwan barbaachisoo bu'a qabeessummaa egeree dhala namaa murteessaniidha. Dandeettiin dubbisuu kun sababa fageenya iddoofi hanqina yeroo irraa kan ka'e wantoota ilmi namaa dhabuu danda'u akka argatu gochuun, meeshaa walquunnamtii tajaajila guddaa kennan keessaa isa tokkodha. Kana malees, dubbisuun jireenya ilma namaa keessatti iddoon inni qabu bara qaroominaa kana keessatti ogummaawwan ilma namaaf barbaachisan keessatti kan ida'amuudha. Lammiileen biyya tokkoo akka hawaasa keessa jiraatanii sana akka beekaniif ga'ee ofii akka taphataniif qopheessuuf dandeettiin dubbisuu baay'ee gargaara.

Akka beektonni adda addaa jedhanittis dubbisuun dandeettii baay'ee barbaachisaa ta'eefi barattoonnis gaaffilee qayyabannoo deebisuuf kaayyoolee dubbisuu adda addaa gabbifachuu akka qabaniidha. Faayidaa dubbisuu ilaalchisee Atkins, et. al, (1996) yoo ibsan, ogummaawwan afaanii isaan gurguddoo afran keessaa ogummaan dubbisuu isa baay'ee barbaachisaa ta'eefi barattoonni shaakala dubbisuu kitaabolee adda addaa irraa milkaa'u jechuudha.

Namni dubbisu ragaa, odeeffannoo,beekumsaafi hubannoo gahaa qaba. Murtoos ofitti amanamummaafi sababarratti hundaa'uun kenna. Keessumaa yeroo ammaa namni hindubbifne jireenya isaa geggeeffachuufis ta'e hawaasa keessa jiraachuuf nirakkata. Bara teknooloojiin babal'ate kanatti utuu hindubbisin jireenya ofii geggeessuufis ta'e hawaasa tajaajiluun rakkisaa waan ta'eef. Kanaafuu, aadaa dubbisuu keenyaa gabbisuun dhimma furmaata atattamaa barbaadudha. Aadaa dubbisuu keenyaa guddisuun sababaafi beekumsa irratti hundaa'uun akka murteessinu, jireenya keenya sirnaan akka geggeessinu, misoomarrattis ta'ee rakkoolee garaagaraa furuu keessatti gahumsaan akka hirmaannu nutaasisa. (maddi isaa, Gaazexaa Bariisaa, Bitootessa 27 /2011). Kanaafuu akka yaada kanarraa hubatamutti dubbisuun bu'uura ogummaa akka ta'edha.

Faayidaa dubbisuu kana ilaalchisee Seesan, (2003:33) irratti yeroo ibsu,"Reading is one of the basic skills which every one accepts is essential for survival in the modern world"jedha.Yaadi kunis barnootis ta'ee jireenyi dubbisuun ala galma gahiinsa akka hinqabe ibsa.

Dubbisuun dandeettiiwwan afaanii keessaa isa sadaffaarratti argamu ta'ee, afaan dhalootaa keenya ittiin gonfachuuf nugargaara.Beekan, (2015:91) irratti, "Ogummaa dubbisuu gonfachuun afaan dhalootaafis ta'ee, afaan alagaa gabbifachuuf nugargaara.Fakkeenyaaf kitaabilee barnootaa yoo fudhanne sirna barnootaa karaalee mootummaafi miti mootummaa barreeffamoota dhihaatan akka hubannu taasisa.Namni yoo yeroo hunda dubbise dhimma barnootaa keessatti baratаa cimaa ta'uuf isa dandeessisa." jedha.Yaada kanatti dabalee Lammii,(2016:168) irratti,"Namni kamiyyuu keessumattuummoo namni barnoota keessa jiru ogummaa dubbisuu gabbifachuu qaba.Dubbisanii hubannoofi beekumsa gahaa argachuuf ogummaan dubbisuu daran murteessaadha." jedha. Yaada kana lamaan irraa akka hubatamuttis dubbisuun ogummaafi dandeettii cimaa akka qabaatan nama taasisuu keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaati.Barattoonni dirree barnootaa irra jiranis dubbistoota cimoo ta'uuf yeroo hunda dubbisuun barbaachisaa akka ta'etu hubatama.Kanaafuu, ogummaa dubbisuu gonfachuun dandeettiiwwan biroofillee bu'uura ta'uun tajaajila guddaa qaba.

Barnoonni dubbisuu dubbisanii ergaa isaa qayyabachuuf, dandeettii dubbisuu gabbifachuuf,beekumsa waliigalaa gonfachuuf, tarsiimoolee dubbisuu adda addaa waliin walbaruufi kanneen biroofillee barbaachisaadha.Karaa biraatiin barattoonni dubbisuudhaan akka shaakalaniif, dubbisanii odeeffannoo barbaachisaa akka argatan gochuufi bashannanaaf baay'ee gargaara. Faayidaa dubbisuu ilaalchisee, McDonough and Shaw,(1993) akka armaan gadiitti ibsaniiru. "Dubbisuun odeeffannoo argachuuf,qajeelfama fudhatanii hojiirra oolchuuf, hiriyaa waliin yaada waljijjiiruuf, gochi tokko yoomiifi eessatti akka raawwate beekuuf akkasumas, yaadolee galaalcharratti, barruuleefi gabaasarratti dhiyaatan hubachuufi bashannanuuf yookaan gammachuuf gargaara." jedhu.Yaada beektotaa kana irraa wanti hubatamu dandeettiin dubbisuu barnoota qofaaf osoo hintaane jiruufi jireenya keessatti waan raawwannu hundaa hojiirra oolchuuf gahee guddaa qabaachuu isaati. Akkasumas, dubbisuun bashannanaa dandeettii dubbisuu akka gonfatan nama gargaara.

Kaayyoo barattoonni dubbisuu shaakalaniif adda addaa kan hayyoonni lafa kaa'an keessaa fakkeenyaaf, "To enable students to read without help unfamiliar authentic texts at appropriate speed, silently and with adequate understanding." ( Nuttal, 1992:21 ) jechuun ibsanii jiru. Akka yaada kanaatti wanti barattoonni dubbisuu shaakalaniif gargaarsa malee of danda'anii barreeffama kana dura hindubbisin saffisa fudhatama qabuun callisanii dubbisuun

barreeffamicha irraa hubannoo gahaa akka argataniifidha. Dabalataanis, dandeettiin dubbisuu kaayyoo dubbisaniif beekuudhaan tooftaalee dubbisuu sirrii ta'an filachuuf gargaara.(Lammii 2016:168).

Barnoonni dandeettii dubbisuu kan dhiyaatu dubbisa qophaa'e tokko irratti ta'uun isaa akka gochaalee yammuu dandeettii dubbisuu shaakalaniif sababaafi ka'umsa akka isaaniif ta'uufi.(Grabe,1991;Silberstein,1994).Haata'u malee,akka (Stevenson,1978;Dubale 1990:7) keessatti kaa'utti barsiisonni baay'een daree dandeettii dubbisuu keessatti kan yeroo baay'ee dabarsan qabiyyee dubbisuu barsiisuu irratti kan xiyyeeffatedha.

Walumaa galatti akka yaadolee armaan olii irraa hubatamutti dandeettiiwwan afaanii keessaa dubbisuun ijoodha.Barattoonni dandeettii kana gonfannaan gosa barnoota biroollee dubbisanii hubachuun milkaa'uu danda'u.Kana malees,jireenya isaanii keessatti rakkoo isaan quunnamuuf beekumsa dubbisuu irraa argatanitti gargaaramuun fala barbaaduuf isaan dandeessisa.

### 2.1.3 Akkaataa Dubbisuu Barsiisuu

Namni barruu tokko dubbisu akkaataa garaagaraatiin dubbisuu danda'a. Fakkeenyaaf, dubbisaan jalqabaa jechoota adda baafachuufi hima tokko keessa jechoota jiran dubbisuuf jechaa jechatti gargaaramee nidubbisa. Inni biraan yaada dubbisa keessa jiru akkuma jirutti kallattiin hubachuudhaan hubannoo fuulduraaf jecha dubbisuu danda'a. Dabalataanis, qabxiilee barreessaan dubbisaa cimaadhaaf jecha dhiisee darbe yaada dubbisaa jirutti fidee ergaa barreeffamichaa hubachuu danda'a jechuudha. Haaluma kanaan akkaataa dubbisuu bakka gurguddaa lamatti qooduun nidanda'ama (Beekan, 2015:87). Isaanis: Dubbisa sagaloofi dubbisa callisaati.Yaada kanaan kan walfakkaatu toorri interneetii Teaching online jedhu, "Reading is of two types. a, silent reading. b, Loud reading." kan jedhu arganna. Isaanis armaan gaditti ibsi itti laatamee jira.

#### 2.1.3.1. Dubbisa sagaloo (Loud Reading)

Dubbisi sagaloo akkaataa dubbisuu keessaa tokko ta'ee dubbisa tokko sagalee dhageessisuun dhaggeeffattootaaf mala ittiin dubbisaniidha. Barsiisaan wayita dubbisa sagaloo dubbisiisu sirriitti sagaleessuu barattootaa irratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha. Akkasumas, dogoggorri sagaleessuu yoo uumame battaluma sanatti kutaa waliigalaa sirreessuudha. Sababiin isaa bakki kun lafa itti sadarkaan dubbisuu isaanii adda bahuun gargaarsa barbaachisaa taasisaniifidha.

Akkasumas yeroo kana barattoonni dubbisuu gabbifachuuf ofitti amanamummaa bakka itti horachuun isaan barbaachisudha. (Beekan, 2017).

Dalagaan sagalee ol kaasanii dubbisuu tooftaa itti dubbisaan tokko ogummaa dubbisuu isaa gabbifachuuf jecha, hiika jechootaa ibsuu, sirriitti sagaleessuun dubbisichi hiika qabeessa akka ta'u gochuufi gammachuu itti argachuuf dubbisuudha.

**A.Tarsiimoo dubbisuu fooyyessuuf sagalee ol kaasanii dubbisuu**

Oolmaa daa'immaniifi barattoota kutaa gadaanaa jiraniif irra deddeebi'uun sagalee olkaasanii dubbisuun shaakalsiisuun tooftaa ittiin dubbisuu fooyyeffatan keessaa isa tokko. Dalagaa (task) sagalee olkaasanii dubbisuu qopheessuufis waantoonni barbaachisan: tokko kitaabolee dalagaa kanaaf mijatan hedduu walitti qabuu ykn filachuu. Lammaaffaa kitaabolee dubbisaaf walitti qabame salphaa irraa gara ulfaataatti qindeessuudha. Kan itti aanu kitaabolee dalagaa sagalee ol kaasanii dubbisuuf mijataadha jedhamanii filataman keessaa keeyyata qopheessuun barattoonni sagalee olkaasanii akka mari'atan affeeruu (Brown, 2003:190).

**B.Yeroo dalagaan sagalee ol kaasanii dubbisuu raawwatu immoo:**

Akaakuu barnootichaa ibsuufi kitaabichi maaliif akka filatame himuun barbaachisaadha.Kunis kaayyoo dubbisaniif adda baasuu akka baraa deeman taasisa.Kan itti aanu waa'ee kitaabichaa ibsuufi akkamiin akka dubbifamuu qabu himuudha.Kunis barattoonni akka isaan sababa kitaaba yeroo dubbisan callisanii hindubbisne isaan jajjabeessa.

Barattoonnis kitaabicha sagalee ol kaasuun erga dubbisanii booda irra deebi'anii akka himan affeeruun barbaachisaadha. Kan dhumaa barattoonni chaartii dubbisaa qopheessuufiin kitaabilee irraa dubbisaaf qophaa'an irraa kan sagalee ol kaasanii dubbisan sana tarreessuun irraa eegama (Brown,2003:190).

**C. Dirqama Maatii barattootaa**

Maatiin ijoollee ogummaa dubbisuu daa'immanii fooyyessuuf gaheen isaan bahuu qaban immoo akkaataa armaan gadiitiin tarraa'ee jira.

Barattoota hanga kutaa sadaffaa jiraniif sagalee ol kaasanii dubbisuu.

Barattoonni dubbistoota gaarii akka ta'aniif gargaaruu.

Barattootaaf kitaaba isaan madaalu ykn sadarkaa isaanii waliin deemu filachuu.

Yeroo barattoonni dubbisa dubbisan xiyyeeffannoo itti kennuun deeggarsa barbaachisu gochuu. (Brown,2003:191)

**D. Dirqama Barsiisotaa**

Osoo barattoonni hindubbisin dura barattootaaf sagalee ol kaasanii dubbisuun odeeffannoo gahaa ta'e kennuufii. Barattoonni onnatanii akka dubbisaniif shaakala salphaa ta'e kennuufii. Hubatanii ogummaa sagalee olkaasanii dubbisuu isaanii akka fooyyeffatan ndeeggaruu. (Brown,2003:192).

**Faayidaa Dubbisa Sagaloo /seera ittiin dubbisa sagaloo fayyadaman/**

Tooftaan dubbisa sagalee ol kaasanii dubbisuu faayidaa garaa garaa qaba. Fakkeenyaaf, nama cina keenya jiruuf dubbisuu yoo barbaanne sagalee ol kaasnee dubbisna.Daa'imman ogummaa dhaggeeffachuu isaanii gabbisuuf tooftaa kana fayyadamuun dubbisnaaf. Ofii isaaniitii yeroo sagalee ol kaasanii dubbisan immoo ogummasa dubbisuu isaanii gabbifatu. Kanaaf, bu'uura daa'imman kanaa tolchuuf yoo barbaanne dubbisa sagaloo dhimma bahuun shaakalsiisuun nidanda'ama.Tooftaalee dubbisuu biroon itti aananii dhufuu danda'u. Beekan, (2015:88) irratti "Dubbisni sagalee dhageessisuun dubbifamu dubbisa callisaa kan dursuufi akeeka garaagaraa kan of keessaa qabudha." jedha. Toora interneetii irratti yaada kana yeroo ibsu, "…loud reading by students should be followed by silent reading," jedha. Kana jechuunis dubbisi sagalee ol kaasuun dubbifamu dhaggeeffattoota baay'ee biratti baay'ee barbaachisaadha.

Kan barbaachisuufis barreeffama dheeraa ta'e tokko manneen barnootaa keessatti barsiisaan daree keessatti dubbisiisuuf. Barattoonni dubbisa baay'ee bal'aafi saffisa barbaadamuun dubbisuu isaanii mirkaneeffachuuf. Nama waan barreeffame dubbisuu hindandeenyeef yookaan nama qaroo (ija) hinqabneef dubbisuuf. Rakkoolee barattoonni dubbisuu irratti qaban adda baafachuun fooyyessuuf. Barattoota dubbisa callisaaf qopheessuuf.

**Adeemsa Dubbisa Sagaloo**

Dubbisni sagaloo kan dubbifamu erga barsiisaan fakkeenya tokko dubbisee darbeen booda ta'uu qaba. Kunis barsiisaan daree barnootaa keessatti dubbisa tokko fakkeenya fudhachuun sagalee ol kaasee wayita dubbisu barattoonni akkeessanii akka dubbisan gochuu jechuudha. Ulaagaalee dubbisni gaariin tokko guutuu qabutti gargaaramee booda barattoonnis akka isaatti akka dubbisaniif jajjabeessuudha. Ulaagaaleen dubbisni gaariin qabu muraasi, ol ka'iinsaafi gadi bu'iinsa sagalee, sirna tuqaaleetti sirnaan gargaaramuu, fageenya dhaggeeffataafi dubbisaa

gidduu jiru addaan baafachuudha. Itti aansee barsiisaan akkaataa barattoonni itti dubbisan madaaluun sirreeffama adda addaa kennuu qaba. Barsiisaan barattoota ciccimoo qofa faana bu'uu osoo hinta'in kanneen giddu galeessaafi lallaafoo ta'an irratti xiyyeeffannoo gochuu qaba.

**A. Kaayyoo Dubbisa Sagaloo**

Kaayyoo dubbisa sagaloo toora interneetii irratti Huey, (1968:359) yeroo ibsu:

- Milkaa'ina dubbisuu barattootaa madaaluuf,
- Dubbisuu shaakaluuf,
- Bashannanuuf ykn nama kan biraa dhageessisuufi kkf.jechuun kaa'ee jira.

Akka yaadolee kanneen irraa hubatamutti wayita sagalee ol kaasanii dubbisan dogoggorri jiraachuu malu adda bahaa deema.Kana jechun bakka dogoggorri jirutti sirreessaa deemuuf haala mijataatu uumama jechuudha.Karaa biraa barattoonnillee ija jabina akka horatan deeggarsa taasisu qaba.

**2.1.3.2. Dubbisa Callisaa**

Callisaan dubbisuun akkaataa dubbisuu keessaa tokko ta'ee, qindaa'ina ijaafi sammutiin sagalee osoo hindhageessisin kan geggeeffamuudha.Callisaan dubbisuu keessatti hinhasaasnu ykn of keessatti hindubbannu jechuudha.Kana malees,wayita callisaan dubbisuu wanti hinbarbaachisne, hidhii sochoosuu, mataa asiifi achi raasuun gocha sammuu callisaan sagalee hindhageessisin kan dubbifnudha.Dabalataanis, hidhiin ykn arrabnillee socho'uu hinqabu.Barattoonni wayita callisaan dubbisan quba isaanii toora barreeffamaa irra fuulduraafi duubatti deemsisuufi waan dubbisanii darban duubatti deebi'anii dubbisuun amaleeffannaa badaadha.Kanaafuu,hoggaa callisaan dubbisnu ija qofaan toora himootaa irra deemna.Sababiin isaa, callisaan dubbisuun barruu tokko yammuu dubbisnu kaayyoo barreeffamichaa, odeeffannoo murtaa'aa barbaaduuf, yaada ijoo atattamaan argachuufi yaadota barreeffamaa gadifageenyaan xiinxaluuf gargaara waan ta'eef.

**A. Kaayyoo Callisaan Dubbisuu**

- Odeeffannoo argachuufi bashannanuuf,
- Barattoonni qajeelfamoota callisaan dubbisuu akka fayyadamaniif
- Barattoonni hubannoon akka dubbisaniif, kunis barattoonni wayita kana ofiif dubbisu jechuudha.
- Barattoota saffisa dubbisuutiin ga'oomsuuf, kkf.

Haata'u malee garuu dubbisa callisaan dubbisuu shaakalsiisuuf dubbisicha dubbisuu danda'uu isaanii sagalee ol kaasuun dubbisiisanii adda baafachuun barbaachisaadha.Sababiin isaa, barattootaan duuchaadhumatti callisaan dubbisaa jennee dubbisa itti laannee yoo kan dhiifnu ta'e barattoonni sun waan dubbisaa jiran fakkaatanii jiraachuu danda'u waan ta'eef.

**B. Faayidaa Dubbisa Callisaa**

- Dubbisni callisaa ariitiidhaan waan dubbifamuuf yeroo qusata.
- Humna ni qusata; kana jechuun yeroo dubbisan sochiin qaamolee dubbii waan hinmul'anneef jechuurraa ka'eeti.
- Wayita dubbisan sagaleen dhagahamu waan hinjirreef nama bira jiran akka hinjeeqneef nifayyada.
- Sodaafi gargaarsa barsiisaa malee of abdannaan dubbisuuf,
- Dandeettii dubbisuu gabbisuufi kkf.

**2.1.3.3. Ga'umsa Ogummaa Dubbisuu**

Gahumsa ogummaa dubbisuu jechuun ogummaa akka salphaatti ariitii madaalamaa, dogoggora maleefi sagalee barbaadamuun dubbisuu qabaachuudha. Namni tokko gahumsa dubbisuu qabaachuun isaa qabxiilee kana sadaniin madaalamuun beekama. Ga'umsa jechuunis haala ariifachiisaa ta'een dubbisa tokko dubbisuudha. Tolamaaram, (2017:46) irrattis, "Dubbisaa/tuu cimaa/tuun nama sagaleefi qubee walitti firoomsee si'aayinaan dogoggora malee dubbisee ergaa hubachuu danda'u.Kanaaf ga'umsi si'aayina, sirrummaafi ibsa waliinii of keessatti qabata jechuudha." jedha.Akka yaada kanaatti immoo gahumsa dubbisuutiin wal qabsiisuun akkaataa dubbisuu bakka sadiitti qooduun nidanda'ama.

**A. Saffisa /Si'aayina**

Saffisa dubbisuu jechuun daqiiqaa muraasa keesatti jechoota baay'ee dubbisuu danda'uudha. Madaallii saffisaan dubbisuu barattootaaf yeroo kenninu daqiiqaa tokko keessatti jechoota meeqa dubbisuu akka danda'an shallaguudhaani.Dubbisaan giddugaleessi tokko daqiiqaa tokkotti hanga jechoota 120 dubbisuu qaba. Dubbisaan olaanaan immoo daqiiqaa tokkotti 850 dubbisuu qaba. (http//:www.Reading soft.com.).

Karaa biraa, yeroo saffisaan dubbisuu barattootaa murteessinu barsiisaan daqiiqaa tokkoof dhuunfaan akka dubbisan gaafachuufi baay'ina jechootaa daqiiqaa tokko keessatti dubbisan galmeeffachuu qaba.

Sadarkaa saffisa dubbisuu barattootaa baruuf immoo barreeffamni sadarkaa barattootaa madaalu yookaan gita isaanii kan ta'e qophaahuun barbaachisaadha. Sadarkaa barattootaa kana baruufis xiyyeeffannoo keessa galuu kan qaban of danda'anii dubbisuu, deeggarsaan dubbisuufi gargaarsa addaatiin dubbisuudha. (Tolamaaram, 2017:49).Inni biroon xiyyeeffatamuu qabu barreeffama jechoota barattoonni hubachuu hindandeenye qabu yoo ta'e fakkeenyaaf jibbuu danda'u. Barreeffamichi yoo dheerateefi sadarkaan barattootaa immoo gadaanaa ta'e nuffuu danda'u.Kanaaf, sadarkaa barattootaa hubannaa keessa galchuun baay'ee barbaachisaadha.

Dabalataanis, akka Carver, (1990) irratti ibsutti saffisni dubbisuu barattootaa sadarkaa barnoota isaanii waliin akka dabalaa adeemudha. Kutaa lamaa kaasee hanga koolleejiitti sadarkaan dubbisuu barattootaa waggaa tokko keessatti daqiiqaa tokko keessatti jechoota kudha afur dubbisuu akka danda'an yaadi kun ni ibsa.Kanaaf dubbisuu barsiisuu keessatti barsiisonni sadarkaa barattoonni irra jiran beekuun barbaachisaadha.

**B. Sirrummaa**

Sirrummaa jechuun dubbisa tokko dogoggora tokko malee dubbisuu danda'uu jechuudha. Dabalataanis sirrummaa jechuun barattoonni jechoota kitaaba keessaa yammuu sirriitti dubbisuu danda'aniidha. Kunis qubee barreeffamichaa hunda sirriitti dubbisuufi sagaleewwan qubee jechaa sirnaan dubbisuu jechuudha. (Tolemariam,2017:49**).** Sababiin isaa jecha laafaa jabeessuun, jabaa laaffisuufi jecha dheeraa gabaabsuu, gabaabaa immoo dheeressuu kkf. yoo kan raawwatan ta'e hiika jechaa jijjiira. Kun immoo sirrummaa dandeettii dubbisuu dhabuu agarsiisa. Sirrummaa dandeettii dubbisuu barattootaa fooyyessuuf dubbisa dubbisanii akka of dhaggeeffatan taasisuun madaallii adeemsisuudhaan mirkaneeffama.

Galmi isaas barattoonni adeemsa barachuu keessatti dogoggora uuman ofiin of sirreessaa deemuuf of madaalaa deemuufi akkaataa galumsaatiin waan dubbisanitti hiika sirrii kennaa deemuu of keessatti hammata.

**C. Ibsuu**

Ibsi bakka dubbistoonni sirna tuqaalee hordofuun afuura itti fudhataniifi ibsatti fayyadamaniidha. Akkasumas, ibsi dandeettii akkaataa yammuu waan namatti dhagahame ibsuuf sagalee jijjiiruun dubbisuu danda'uudha (http//:www.scholastic.com/teachers.) Ibsa waliinii jechuun yeroo dubbisan sagalee miidhagsanii dubbisuudha. Bakka sagaleen ol ka'utti ol kaasanii, bakka gadi bu'utti gadi buusanii dubbisuun ibsaan dubbisuudha. Kunis barreeffamni dubbifamu sun waan dubbifamuuf sana ibsuu danda'uutu irra jiraata.Akkasumas, sirna tuqaalee hordofuun cita afuuraa sirrii ta'e yookiin bakka xumuramutti xumuruu fayyadamuun ibsaan dubbisuudha. (Tolamaaram, 2017:49).

### 2.1.3.4 Amaloota Dubbisuu Gaarii

Dubbisaa gaariin amaloota dubbisaa badaa irraa ittiin adda ba'u kan mataa isaa qaba (Beekan, 2015:100).Isaanis:

**A.Jechoota baay'ee si'a tokkotti mil'annaa tokkoon dubbisuu**

Jechoota baay'ee si'a tokkotti mil'annaa tokkoon dubbisuu Nuttal (1989) yeroo ibsitu, dubbisaa gaariin jecha jechaan hindubbisu jechuu irraa ka'uun qorannoo hedduun ogummaa dubbisuu fooyyeffachuu irratti geggeeffamee jira. Kana irraa ka'uun dubbisaa gaariin ilaalcha tokkoon jechoota hedduu kaasa malee jecha tokko tokkoon hindubbisu jetti. Kanaafuu yaanni kun jecha jechaan dubbisuu dhiifnee gaalee gaaleen yoo dubbifne dubbisaa gaarii ta'uu akka dandeenyu nuhubachiisa.

**B.Yaada barreeffamaa duukaa buunee waan dubbifnee bira darbinetti aanee yaada ka'uu danda'u tilmaamaa dubbisuu**

Dubbisaa gaariin yaada barreeffama dubbisaa jiru tokkoo faana bu'uun yaada itti fufee dhufu maal akka ta'uu danda'u tilmaamaa deema. Nuttal (1989:11) irratti yeroo ibsitu,"…the readers sense and experience helps him to say next….”yaada kanas wayita xiinxallu, namni muuxannoo qabaatee yaada ka'uu danda'u tokko tilmaamee itti aansee kan jechuu barbaade jedhee

dubbachuu nidanda'a.Yaada kana tilmaamuuf garuu muuxannoo duraa qabaachuun irraa eegama.

**C.Kaayyoo irratti hundoofnee gosoota dubbisuu jijjiirrachuu**

Dubbisaan gahumsa qabu yeroo mara dubbisa ofiif dubbisuuf kaayyoo murta'aa qaba.Waan dubbisu sababa maaliitiif akka dubbisu beeka. Kanaafuu, kaayyoo dubbisuu isaa murteeffatee isa faana of jijjiiraa dubbisuu qaba malee wayita dubbisu dubbisa hunda kaayyoo tokko giddu galeessa godhatee dubbisuu hinqabu.

### 2.1.4. Tooftaalee Ogummaa Dubbisuu (The Reading Method)

Barumsa dubbisuu qopheessuu dura waa'ee barattootaa beekuun barbaachisaadha. Kana jechuun,gaaffii barattoonni ijoolleedhamoo ga'eessa (cimaadha)? Afaan Oromoo beekumoo hinbeekan? kkf.deebii argachuu qabu. Gaaffiiwwan kanarratti Wiliams, (1984) akkas jetti,"Barattoonni dubbisuu baran beekumsa sirna barreeffamaa, beekumsa waa'ee afaaniifi beekumsa addunyaa qaban mana barumsaa isaaniitti fidanii dhufu." Kanaafuu, jiruu barreessuu dubbisuu barsiisuu keessatti beekumsi kun iddoo guddaa qaba. Namni tokko wanta tokko hojjechuufis ta'ee barachuuf beekumsi inni qabu akka isa gargaaru beekamaadha. Kanaaf jecha barattoota ijoolleefi ga'eessa gidduu beekumsa armaan olitti ka'aman irratti garaagarummaan akka jiru nibeekama. Kanaaf, ga'eessonni beekumsa qaban kanaan yeroo afaan dubbisuu baran itti fayyadamu jechuudha.

Kana malees,barattoota afaan baratan beekaniifi hinbeekne gidduu garaagarumman jira. Akkuma beekamu warri afaan baramu sana beekan jechoota adda addaafi seera caasaa afaanichaa hiika isaanii wajjin beeku. Jarreen afaanicha hinbeekne garuu jechootaafi caasaa afaanichaas ta'e hiika isaanii hinbeekan. Barataan afaan isaa Afaan Oromootiin hiikkate yeroo afaan kanaan dubbisuu baru qubeewwan akkaataa itti barreeffamaniifi yaada dabarsan, qubeewwan tokko tokkoon isaanii akka sagalee adda addaa bakka bu'an, Afaan Oromoo dubbisuun bitaa gara mirgaatti akka ta'eefi garaagarummaan tartiiba qubeewwanii hiika jechootaarratti akka geeddarumsa fiduufi kkf. niqayyabatu. Barattoonni Afaan Oromoo hinbeekne garuu,barumsa armaan olitti ibsaman barachuurratti dabalanii hiika jechootaa,caasaa afaanichaatiifi akkaataa wanta barreeffamee sagaleedhaan dubbisamuu qabu kanaaf barumsa jalqabaa Afaan Oromoo dubbisuurratti

barattoonni afaan beekan hunda isaa raawwachuu yoo danda'an, jara afaan hinbeeknerra yeroo xiqqoo keessatti dubbisuu baruu danda'u jechuudha (Afolayaniifi hiriyootasaa 1980:27)

Wiirtuu Jildii Sadaffaarratti (Beard, 1987) wabeeffachuun waa'ee tooftaalee dubbisuu ni ibsa. Kunis, hayyoonni tooftaawwan garaa garaa barattoota jalqabaa afaan tokko dubbisuu barsiisuuf fayyadan xiinxaluun ibsaniiru. Tooftaawwan gurguddoon beekamanis tooftaa qubee (alphabetic method),tooftaa sagalee (phonic method)fi tooftaa muuxannoo (experience approach) jedhamanii waamamu.

Karaa biraadhaan hayyoonni tooftaalee dubbisuu barsiisuu addunyaa irratti beekaman sadii,guutuu-jechaa (whole-word), fooniksii (phonics)fi guutuu-afaanii (whole-language) jechuun lafa ka'anii jiru.(Tolamaaram,2017:1). Afaan Oromoo afaanota addunyaa keessaa tokko hanga ta'etti tooftaawwan kun afaan kana dubbisuu barsiisuudhaaf tajaajila guddaa nikennu.Ibsi tooftaalee kanneeniis akka armaan gadiitti taa'ee jira.

### A. Tooftaa Qubee

Tooftaa kana keessatti barumsi dubbisuu kan jalqabu qubeewwan afaanichaa tartiiba duraa duubaatiin maqaa waamanii baruudhaani.Faayidaan mala kanaas barattoonni tartiiba qubee waan baraniif gaafa barumsaan ol siqan salphaatti galmee jechootaatti gargaaramuu danda'u. Barattoonni kan dubbisuu qabaniif galmee jechootaa qofatti gargaaramuuf osoo hintaane beekumsa barnoota biraa gabbifachuum irraa eegama.Sababiin isaa dubbisuun furtuu beekumsa kamiiyyuu waan ta'eef. (Tolamaaram, 2017:1).

Haata'u malee garuu, yeroo ammaa tooftaalee addunyaa irratti beekaman sadan keessaa tooftaa fooniksii (phonics), sagaleefi qubee walitti firoomsuudhaan dubbisuu barachuutu hojiirra oolaa jira.Yaada kana Wikipedia irratti yeroo ibsu,"…teaching children to read using phonics."jedha.Akkasumas Tolamaaram, (2017:1) irrattis, "…tooftaaleen dubbisuu barsiisuu addunyaa irratti beekaman … fooniksiifi … jedhamu."jedha. Kanaaf,tooftaa qubeefi sagalee walitti firoomsuutiin dubbisuu barsiisuun bu'aan isaa akka barattoonni beekumsa barnoota kamiiyyuu gabbifatan isaan taasisuutti dabalee dorgomtoota addunyaa akka ta'an taasisa. Kanaaf, akka waliigalaatti tooftaa fooniksiitti fayyadamuun barattoota jalqabaa dubbisuu barsiisuun barbaachisaadha.

B. Tooftaa Jechootaa ykn Himaa

Barumsa dubbisaa keessatti tooftaan jechaa ykn himaa tooftaa bal'inaan itti hojjetamudha.Beard, (1987:75) akka jedhutti tooftaan kun "…jechoonni hiika qaban yoo muuxannoo barattootaarratti hundaa'an barumsa dubbisuu eegaluuf bu'uura." yaada jedhurraa ka'a. Yaadi kunis,barattoonni kun dubbisuudhaaf muuxannoon isaan dhimma dubbifamu irratti qaban murteessaa akka ta'etti hubatama. Kunis afaan ittiin dubbisan sanatti dhalachuun bu'aa akka qabus nuhubachiisa.

Karaa biraa garuu, tooftaa guutuu-jechaa kan addunyaa irratti beekamu, jecha ilaalanii sammuutti qabachuun waamuufi yaadachuudhaan dubbisuu baratu. (Tolamaaram, 2017:1). Rev.Thomas H. (1830s) kan jedhus,"The sight-word (whole word) method,a word with a picture."kan jedhu lafa ka'a.Malli kunis jechaafi fakkii walbira qabuun mala dubbisa ittiin barsiisan yoo ta'u,faayidaan isaa barattoota qaama miidhamtootaaf (dhagahuu kan hindandeenye) irra guddeessaan oola.Kanaaf,mala guutuu jechaa fayyadamuun dubbisuu barsiisuun ijaan ilaaluufi sammuutti qabachuuf tooftaa gaariidha.

Mala kanaanis barattoonni dubbisuu yoo kan baratan ta'e carraan jechicha yaadachuu isaanii bal'aa ta'a jechuudha.Kanumaan walqabatee barattoonni mana barumsaa Burqaa Wayyoo sadarkaa tokkoffaa kutaa sadaffaa Afaan Oromoo dubbisuu barachaa jiran akka dubbistoota jalqabaatti fudhatamu.Sababiin isaa afaan kanaan kana dura dubbisaa waan hinturreef.Barsiisonnis kana bu'uura godhachuun tooftaa kanatti gargaaramanii dubbisuu barsiisuun murteessaadha.

C. Tooftaa Sagalee

Akkaataa tooftaa kanaatiin barattoonni barumsa jalqabaa keessatti hunda dura sagaleewwan afaanichaa baratu. Malli kunis barattoota afaan dubbisan sanaaf haaraa ta'aniif waan fayyaduuf itti fayyadamuun barbaachisaadha.

D. Tooftaa Muuxannoo

Tooftaan muuxannoo yaada gurguddaa lamarratti hundaa'a. Tokko dubbisuu baruun dubbisuudhaani. Kana jechuun hojiin dubbisuu yaada baay'inaan jiru tokko tatamsaasuudhaan ykn qaaccessuudhaan gaggeeffama..Barattoonni yeroo dubbisuu baran guutuurraa jalqabanii gara

qaamaatti dhufuu qabu (from synthesis to analyisis).Kana jechuun yaada dimishaashaan jiru caccabsanii hiika itti laachuu jechuudha. Lammaffaa dubbisuu barsiisuuf kan haalli mijaawu yoo kitaabonni barataan dubbisuufi wanti inni barreessu hundi kan muuxannoosaa keessaa maddan ta'edha. Yaadolee kana lamaanirraa wanti hubatamus,dubbisuu gonfachuuf muuxannoon duraan qaban barbaachisaa akka ta'edha.

Barattoota keenya wanta isaan duraan beekaniin walqabsiisnee dubbisuu kan barsiisnu yoo ta'e,akka isaan barruu dubbisaa jiran sana yeroo dheeraadhaaf yaadatan gochuu irratti carraa guddaa laataaf.Kunis ta'uu kan danda'u yoo barsiisaan barsiisan qophii dursaa taasisaniidha. (By:Janelle Cox). Kanaaf barsiisonni barattoota dubbisa barsiisuuf tooftaa muuxannootti gargaaramuuf naannoo barattoonni keessaa dhufan beekuun deeggarsa barbaachisaa ta'e gochuun irraa eegama.

Dabalataanis,tooftaan dubbisuu mala karaa waan barreeffametti hiika laataniidha. Karaa ergaa barreeffama tokkoo hubachuun itti danda'amudhas. Kaayyoo dubbisa dubbisnuu galmaan gahachuuf tooftaalee dubbisuutti dhimma bahuu qabna. Barattoonni ergaa waan barreeffamee akkasumas maxxanfamee hubachuuf yoo hinyaalle hirkattummaa jalatti kufu. Kun akka hintaaneef kaayyoo dubbisaniif beekanii tooftaalee dubbisuu garaagaraa fayyadamuun dubbistoota of danda'oo ta'uun nidanda'ama.

Barattoonni ofitti amanamummaa qabaatanii waan dubbisan hubachuun hiika laachuudhaaf caacculee/qaama/dubbisuutti fayyadamuunis tooftaa ittiin dubbisuu baraniidha.Tolemariam, (2017:3) irratti dubbisuun akkamittiin baratamuu akka qabu yeroo ibsu, "…dubbisuus ta'ee dandeettiiwwan afaanii hundi sirriitti barsiifamuuf caacculeen shan baratamuu qabu." jedha.Kanaaf akka yaada kanaatti ogummaa dubbisuu sirriitti barachuuf barattoonni tooftaalee dubbisuu kanneen qabiyyee afaan dhalootaa ta'an fayyadamuun barbaachisaadha.

### 2.1.5. Haalota Dandeettii Dubbisuu Afaan tokkoorratti dhiibbaa geessisan

Barataan tokko dubbisaa cimaafi milkaa'aa ta'ee akka fiixaan hinbaaneef dhiibbaan garaagaraa jiraachuu mala. Akka Baddiluun, (1996:35) jedhutti dubbisuu dadhabuuf sababa kan ta'e yeroo dubbisanitti xiyyeeffannoo gochuu dhabuudha. Barattoonni kitaaba barnootaas ta'e waan dubbisanitti xiyyeeffannoo itti kennanii yoo qalbiitti hinfudhanne haalli itti dubbisan isaan

danquu danda’a jechuudha. Akkasumas, waan dubbisan wallaaluudha.Kanaaf immoo sababa kan ta’an:

- jechoonni haaraan hiika isaanii hinbeekne jiraachuu,
- dhimmicha irratti beekumsa gahaa dhabuu,
- himoonni dubbisa keessaa dhedheeroo ta’uu,
- kaayyoo barreessaa wallaaluu fa’i.

Rakkooleen dubbisuu barattootaa kun gabaabsuun yeroo ibsamu:

- Dandeettii waan dubbisan tokko ergaa isaa hubachuu dhabuu.
- Mana barumsaan alatti kitaaba adda addaa dubbisuuf naannoo kakaasu dhabuu.
- Waan dubbisan tokko irratti nama biroo wajjin mari’achuu dhabuudha.

Toorri Interneetii http://classroom.Synonym.com> factors…jedhu karaa dhiibbaan dubbisuu barattoota irratti dhufuu danda’u yeroo ibsu,”A child’s reading ability can be affected by many factors including background knowledge, ability, home environment, school experiences and interest level.” jedha.Yaada kana irraa wanti hubatamu dandeettiin dubbisuu daa’immanii karaa muuxannoo, haala jireenyaa,muuxannoo mana barumsaa, sadarkaa, fedhii dhabuufi kan biroonillee hubamuu akka danda’udha. Dabalataanis, tooruma kanarraa yeroo ibsu milkaa’inni dubbisuu daa’immanii kan dhufuu danda’u tooftaalee shananiin (caacculee dubbisuu shanan) walqabsiisuudhaan akka ta’e hubachiisa. Kanneen hubachuun barsiisaaniifi maatiin barataa yoo daa’ima jajjabeessuu,gargaaruudhaa baatan daa’imman dhiibbaa olitti ibsameef akka saaxilaman beekamaadha.

## 2.2 Sakatta’a Barruu Walfakkii

Ogummaa dubbisuu ilaalchisee qorannoowwan kanaan dura hojjetaman ni ilaalamu. Qorannoowwan kunneenis ogummaawwan dubbisuu gabbisuu shaakalsiisuu afaan jalqabaafi afaan alaa (Foreign language) irratti kan adeemsifamani. Afaan alaatiin kan hojjetaman keessaa, Getachew Asirat (1996) mataduree,” The teaching of reading in government High school in Addis Ababa: A descriptive study (unpublished) MA thesis.Addis Ababa University.” jedhurratti hojjete. Afaan jalqabaa irratti kan hojjetan, Kumsaa Galaanaa (2007) “Dubbisa Afaan Oromoo barsiisuurratti wantoota dhiibbaa geessisan,” mataduree jedhurratti sadarkaa lammaffaa irratti kan gaggeeffameedha.Kaayyoon qorannoo isaa Afaan Oromoo kutaa keessatti shaakalsiisuurratti

wantoota dhiibbaa geessisan qorachuudha.Argannoon isaa immoo Afaan Oromoo kutaa keessatti shaakalsiisuu irratti wantooti dhiibbaa geessisan jiraachuu isaaniiti. Gannat Shibbiruu (2012).” Xiinxala ogummaa Dubbisuu Barsiisuu: Barattoota Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti kutaa 8ffaa Manneen Barnootaa Bishooftuutti baratan,” mataduree jedhurratti digirii lammaffaaf kan qorannoo adeemsiste yoo ta’u, kaayyoon qorannoo ishee, dubbisa Afaan Oromoo shaakalsiisuu barattoota akka afaan lammaffaatti baratan keessatti rakkoolee jiran xiinxaluudha.Argannoon qorannichaa, ogummaa dubbisuu kutaa keessatti xiyyeeffannoon akka hinbarsiisamne beekuun danda’ameera.

Qorannoon kun isaan armaan olii irraa adda kan ittiin ta’u, kaayyoon qorannoo kanaa tooftaaleen dubbisuu Afaan Oromoo kutaa barnootaa keessatti akkaataa itti shaakalsiisamu xiinxaluu yeroo ta’u, xiyyeeffannoon isaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 3ffaa irratti. Kannaafuu, garaagarummaan isaanii (1) Kaayyoo qorannichaa, (2) Afaan qorannoowwan irratti geggeeffaman (3) Qorannoon isaanii sadarkaa tokkoffaafi giddugaleessa akkasumas sadarkaa lammaffaa irratti kan qophaa’e yeroo ta’u, qorannoon kun immoo, mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 3ffaa irratti kan geggeeffatameedha.Tooftaan dubbisuu qorannoo kanaaf filatames dubbisa sagaloofi dubbisa callisaati. Sababiin isaa, sadarkaa barattoota qorannoon kun irratti geggeeffame waliin waan ilaallatuuf. Hanga ammaatti afaan biyya keessaa irratti tooftaaleen ogummaa dubbisuu daree barnootaa Afaan Oromoo keessatti itti shaakalsiisamu irratti qorannoon adeemsifame hinjiru. Kanaaf, qorannoon kun amma qorattuun beektutti isa jalqabaa ta’a jechuudha.

# BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuuf qorattuun saxaxa ibsaatti dhimma baate. Saxaxa ibsaa keessaa immoo ibsa akkamtaati. Sababni ibsa akkamtaatti fayyadamteefis qorannoo kana caalaatti qabatamaa taasisuuf jecha odeeffannoo jechaan waan funaannatteef akkasumas jechaan waan ibsiteefi.

Qorannoo namni geggeessu tokko dursee kan itti yaaduu qabu mala qorannicha ittiin gaggeessu yookaan adeemsisuu danda'u beekuudha. Kana jechuun,tooftaa ittiin odeeffannoo sassaabbachuu danda’u beekuu jechuudha. Akkasumas, eenyu, essaafi akkamitti odeeffannoo qorannicha galmaan gahuufii danda’an murteessuu of keessaa qaba. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf qorattuun gosa qorannoo akkamtaa fayyadamtee jirti. Sababiin isaas qorannoo kana keessatti odeeffannoon guurame ibsaan hiika kan argate waan ta’eefi. Gosa qorannoo akkamtaa keessatti odeeffannoon guuramu lakkoofsaan osoo hinta’in ibsaan hiika kan argatudha.Qorannoo akkamtaa irratti Abiyyiifi kanneen biroo (2009:36) yeroo ibsan, “Qualitative research involves studies that do not attempt to quantity their results through statistical summary or analysis”jedhu. Kanaaf, qorannoon kun malli ittiin ibsames mala akkamtaati.

Malli xiinxala odeeffannoo funaanuuf qorannoo kana keessatti hojiirrra oolan afgaaffiifi daawwannaa daree wayita ta’an, isaanis gosa qorannoo akkamtaa jalatti waan ramadamiif mala qorannoo kanaa mala akkamtaa jala akka ta’u dhiibbaa taasisan qabu. Ulaagaaleen daawwii kutaafi gaaffiifi deebiin dhihaatanis akaakuu malichaa ibsaafi kaayyeffamaa ta’uu agarsiisu. Kana jechuun ragaalee argaman qaacceessuuf qorattuun mala akkamtaa (qulqulleeffataa) fayyadamte jechuudha.

Yaada kana Dastaan,(2013:20) yeroo ibsu, “Qorannoon mala akkamtaan gaggeeffamu odeeffannoo argate mala addeessaatiin ykn mala ibsaatiin dhiheessa.” jedha. Qorannoon kunis mala akkamtaatti dhimma bahe waan ta’eef odeeffannoon argame ibsa akkamtaatiin ibsame. Sababiin isaa qorannoo kana keessatti odeeffannoon argame gadifageenyaan ragaan deeggaramee kan xiinxalame waan ta’eefidha. Addunyaa (2011:12), yaada kana yoo cimsu,”Ciminni qorannoo kanaa (akkamtaa) gaaffiiwwan“Akkam? Maaliif?” jedhan kaasuun gadifageenyaan xiinxaluurratti humna qabaachuufi gama amanuufi hubannoo bal’isuufis kan

gargaaru ta’uu hubanna.” jedha.Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaas akkaataa tooftaaleen dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu daree keessatti itti shaakalchiifaman xiinxaluudha waan ta’eef qorattuun mala qorannoo akkamtaatti dhimma baatee jirti.

### 3.2. Madda Ragaalee

Qorannoon kun barsiisotaafi barattoota Mana Barnootaa Burqaa Wayyoo Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti bara 2011 kutaa 3ffaa Afaan Oromoo barsiisaafi barataa jiranirratti kallattiidhaan kan xiyyeeffateedha. Waan kana ta’eef, maddi odeeffannoo qorannichaa barsiisotaafi daawwannaa daree wayita barnoonni dubbisuu Afaan Oromoo gaggeeffamuuti.

Akkasumas manneen barumsaa mootummaa sadarkaa tokkoffaa magaalaa Finfinnee keessatti argaman keessaa manni barumsaa qorannoon irratti adeemsifame kun isa tokko. Keessumaa manni barumsaa kun manneen barumsaa afur addatti barnoonni Afaan Oromootiin keessatti kennamaa jiru keessaa isa tokko. Qorannoon kunis kan gaggeeffame sadarkaa tokkoffaa kutaa 3ffaa irratti. Akkasumas, tooftaalee ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo kutaa keessatti shaakalsiifamaa jiran xiinxaluu irratti raawwatame. Dabalataani, barattoonni kutaa sadaffaa barachaa jiran dubbisa Afaan Oromoo tooftaa ittiin shaakalaa jiran xiinxaluu irratti gaggeeffame.Kanaan walqabatee seenduubeen barsiisota akka iddattootti filatamuudhaan ragaalee kennaniis akka armaan gadiitti teessifamanii jiru.

### 3.2.1 Seenduubee Barsiisotaa

Qorannoo kana keessatti odeefkennitoonni akka iddattootti filataman barsiisota mana barumsaa Burqaa Wayyootti kutaa 3ffaa Afaan Oromoo barsiisaa jiraniidha. Barsiisonni Afaan Oromoo kutaa kanaa barsiisaa jiran hundi isaaniiyyuu filatamuudhaan afgaaffii qophaa'eef irratti hirmaatanii ragaa akka kennan taasifamee jira. Kanaaf seenduubeen barsiisota barsiisaa jiran akka iddattootti filatamanii akka armaan gadiitti gabateedhaan taa'ee jira.

| Koodii | Saala | Mana Barumsaa | Bara tajaajilaa | Kutaa barsiisan | A/O waggaa meeqaaf akka barsiisan | Sadarkaa Barnootaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| A | Dhiira | Burqaa Wayyoo | 24 | 3ffaa | 24 | Digirii |
| B | Dhalaa | √ | 20 | √ | 15 | √ |
| C | Dhiira | √ | 14 | √ | 14 | √ |
| D | Dhiira | √ | 19 | √ | 7 | √ |

Gabatee 3.2.1 Seenduubee barsiisotaa

Akka gabatee 3.2.1 irraa agarsiisutti, barsiisonni qorannoo kana keessatti hirmaatan dhiira 3 fi dhalaa 1. Manni barumsaa isaan keessaa barsiisan Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti Mana Barumsaa Burqaa Wayyoo sadarkaa 1ffaadha. Barri tajaajila isaanii waggaa 14-24 gidduu kan jiru yoo ta'u, barsiisota buleeyyii keessatti ramadamu. Kunis kan nutti mul'isu barsiisonni barsiisan muuxannoo qabaachuu isaaniiti.

Manni barumsaa kun barnoota idilee (kutaa 1-4) irratti barsiisota digirii tokkoffaa qaban waan ramadeef barsiisonni kutaa 3ffaa Afaan Oromoo barsiisaa jiran kun kanneen sadarkaan barnoota isaanii digirii tokkoffaa ta'eedha. Kana irraa wanti hubatamu, qorannoon kun wayita gaggeeffametti basiisonni sadarkaan barnootaa isaan qaban digirii duraa waan ta'eef gahumsa qabu jedhamee amanama.

Akkasumas barsiisonni kun sadarkaa kana irratti ogummaa tooftaalee dubbisuu, akkaataa dhihaannaa isaa, akkaataa barsiisonni daree keessatti ittiin ogummaa tooftaalee dubbisuu fayyadamuu barattootaa gabbisan irratti hubannoo gahaa qabu jedhamee amanama. Kanaaf,

qorattuun barsiisota kanaaf koodii ykn bakka maqaa isaanii qubeen fayyadamuun bara tajaajilaa, ssadarkaa barnootaa, kutaa isaan barsiisaniifi barnoota Afaan Oromoo baroota garaagaraa barsiisuun muuxannoo qaban kana hunda hirmaachisuun, akkaataa itti tooftaaleen ogummaa dubbisuu daree keessatti shaakalsiifaman irratti odeeffannoo irraa funaannachuun qaaccessuun itti gargaaramte.

### 3.3. Mala Iddatteessuu

Namni yookiin qorataan kamiyyuu qorannoo akkamtaas ta'e mala hammataatti gargaaramee odeeffannoo funaanuuf iddattoo filata. Malli iddattoo tooftaa irraawwatamtoota jiran keessaa akkaataa qorannichaaf mijataa ta'een madda ragaa filachuun ittiin murteeffamuudha. Akka Dastaan (2013:132) Torchim (2006) wabeeffachuun ibsetti iddattoo filachuun adeemsa jamaa fayyadaman jechuudha. Kana jechuun namoonni jamaa sana keessaa fudhataman bakka bu'oota jamaa sanaa ta'anii odeeffannoo kennuu danda'u jechuudha. Odeefkennitoota kana immoo argachuuf tooftaa barbaachisa.

Haaluma kanaan iddattoo qorannoo kanaa filachuuf malli dhimma itti bahame mala iddatteessuu akkayyooti. Malli iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling) gosa mala iddatteessuu miti carraa keessaa tokko ta'ee namni qorannoo gaggeessu tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata. Yaada kana kan fakkaatu Berg (2001:32) yeroo ibsu," When developing a purposive sample, researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population."jedha. Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan tooftaalee ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo kutaa keessatti shaakalsiifaman xiinxaluudha. Kanumarraa ka'uun qorattuun waa'ee dhimma qoratamee kanarratti barsiisota kutaa sadaffaa Afaan Oromoo barsiisan afur koodii 'A, B, C fi D' jiran hunda fudhatte. Dareewwan jiran shan guutummaatti daawwatamanis kan qaacceffaman garuu daree afur qofa. Sababiin isaa barsiisaan koodii 'C'daree lama qabatanii kan jiran yoo ta'u, tooftaaleen ogummaa dubbisuu barsiisaan koodii 'C' barsiisan itti gargaaramaa turan dareedhaa dareetti garaagarummaa kan hinagarsiisne waan ta'eefi. Akkasumas, qorattuun mana barumsichaatii barsiisaa waan jirtuuf Afaan Oromoo dubbisuu danda'uufi danda'uu dhiisuu barattootaa sirriitti adda baafattee beekti. Keessattis qooda fudhachaa jirti.

Odeefkennitootas mana barumsichaa keessatti gaheen isaanii maal akka ta’e waan gadifageenyaan beektuuf mala akkayyoo kanaan filattee jirti.

Kanaaf, iddattoon qorannoo kanaaf barbaachisan mala miti carraan kan filataman yeroo ta’u, barsiisota dhimmichi kallattiin waan ilaallatuuf mana barnootaa Burqaa Wayyoo sadarkaa 1ffaa keessaa kutaa 3ffaa Afaan Oromoo kan barsiisan lakkoofsaan 4 kan ta’an mala akkayyoo fayyadamuun hundi isaanii fudhatamanii jiru. Akkasumas, qorannoon kun barattoota bara 2011 mana barumsaa Burqaa Wayyoo sadarkaa 1ffaa keessatti galmaa’anii barachaa jiran keessaa kutaa 3ffaa irratti xiyyeeffata. Kutaa sadaffaa barachaa kan jiran barattoota 231 yeroo ta’an, isaanis daree shan keessatti argamu. Dareewwan barattoonni kun hundi isaanii keessatti argaman kanneen shanan isaanii mala akkayyootiin waan filatamaniif kutaaleen hundi sababa olitti ibsame bu’uureffachuun kan hinqaacceffamne ta’us hundi daawwatamanii jiru. Kana jechuun dareewwan shan daawwataman keessaa dareen tokkichi kan hinqaacceeffamne ta’uu isaati.

Haaluma kanaan akkaataa barsiisonni barsiisan afran tooftaalee ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti itti shaakalsiisan daawwannaa dareefi afgaaffii barsiisota kanaaf dhiheessuun xiinxalamee jira.

### 3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Adeemsa qorannoo tokkoo galmaan gahuu keessatti ragaa funaanuun baay’ee murteessaafi barbaachisaadha. Ragaan funaanamu immoo meeshaa ittiin funaanamu kan mataa ofii qaba. Akka Cohen (2007) ibsetti, meeshaaleen ragaa funaanuuf gargaaran isaan gurguddoon bargaaffii, af-gaaffii, daawwannaa, qormaataafi sakatta’a barruu akka ta’aniidha. Malleen odeeffannoon ittiin funaanamu heddummachuunis bu’aan isaa mala tokkoon odeeffannoon argamuu hindandeenye mala biraadhaan bira gahuun waan danda’amuufi.

Tooftaaleen funaansa ragaa kamiyyuu immoo guutummaa guutuutti odeeffannoo sirriifi fudhatamaa argamsiisuuf gahaa ta’e akka hinjirre Kumar, (2005:119) yoo ibsu,“Meeshaaleen funaansa ragaa kamiyyuu guutummaa sirriifi bu’a qabeessa jechuun hindanda’amu.”jedha. Yaada kanarraa akka hubatamutti meeshaaleen odeeffannoo kamiyyuu hanqina akka qabaniidha. Hanqina meeshaaleen kun qaban xiqqeessuufis waldeeggarsiisuun fayyadamuun gaarii ta’a.

Kana jechuun mala ragaa ittiin funaannannu tokkoo ol yoo fudhanne dhimma keenya irra guddeessaan milkeessina jechuudha.

Qorannoon kun akkaataa tooftaaleen dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu daree keessatti itti shaakalsiifaman xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Odeeffannoo argachuufis qorattuun meeshaalee ragaa walitti qabachuuf barbaachisan keessaa afgaaffiifi daawwannaa daree fayyadamuun gaggeessitee jirti.

Akkuma olitti ibsamee ture meeshaaleen kun tokkoo ol ta’uun faayidaan isaa ragaalee gadi fageenyaafi qulqullinaan sakatta’uufi.Yaada kana gabbisuuf Moserfi Kalton (1972) yeroo ibsan, malleen odeeffannoon ittiin funaanaman garaagaraa fayyadamuun tarsiimoo qorannoon ittiin geggeeffamuuf humna guddaa ta’a jedhu. Akka Gootz fi Lecompete, (1984) jedhanittis, ragaalee funaanuuf meeshaalee adda addaatti fayyadamuun nicimsa. Yaadi kunis wanti hubachiisu, odeeffannoon mala adda addaa fayyadamuun argamu cimina qorannoo tokkootiif gaarii ta’uu isaa agarsiisa.Haaluma kanaan tokkoon tokkoon meeshaalee kanneenii armaan gaditti ibsi itti kennamee jira.

### 3.4.1 Af gaaffii

Malli afgaaffii kun kan ittiin namoota dhimmichi ilaallatuuf qorattuun eenyummaafi kaayyoo ishee ibsuun odeeffannoo irraa funaannatteedha. Kanaafuu, meeshaa odeeffannoon ittiin funaanamu kanatti gargaaramuun qorattuun gaaffilee daanga’oofi banaa ta’an qopheessuun barsiisota nama afur Afaan Oromoo barsiisaniif kan dhiheessiteedha. Baay’inni gaaffiiwwan afgaaffiidhaaf qophaa’aniis saddeet ta’u. Odeeffannoon afgaaffiin guurame kunis barattoota hinilaallatu. Sababiin isaas, barattoota lakkoofsaan baay’ee ta’an kanneen tokko tokkoon odeeffannoo afgaaffiin irraa funaanuun dadhabsiisaa ta’uu isaa irra darbee qisaasina yeroofi leecalloo fiduu danda’a. Yaada kana Dastaan (2013:113) irratti Yaalew (2006) wabeeffachuun akka ibsutti,”Malli kun yeroo dheeraafi baasii hedduu nama gaafachuu danda’a. Odeefkennitoota hundaa qaamaan bira deemanii gaafachuu waan barbaachisuuf yeroo fudhata. Hammuma yeroo dheeraa irra turru baasii hedduu baasna.” jedha.

Haata’u malee, sababoota garaagaraa dabalataan jiraniifi yaada olitti ibsame irraa kan ka’e qorannoo kana keessatti barattooti iddattoo ta’anii filatamuu hindandeenye. Sababni kunis, barattoonni baratan kun kutaa 3ffaa waan ta’aniif umriidhaanis naannoo waggaa sagalii hanga

kudhanii gidduutti argamu. Kun immoo kaayyoon yaadame galma akka hingeenyeef dhiibbaa mataa isaa qaba. Akkasumas daa'imman odeeffannoo qorannichaaf barbaadame haala quubsaa ta'eeniifi yaada bilchaataa ta'e afgaaffiidhaan kennuu hindanda'an. Kanaaf, afgaaffiin barsiisota qofaaf waan qophaa'eef iddattoon qorannoo kanaas barsiisota jechuudha. Utuma barattoonni akka iddattootti filatamaniis barattoota akka iddattootti filatamaniif afgaaffii dhiheessuufiin odeeffannoo irraa funaanuun rakkoolee olitti ibsaman waan qabuuf qorattuun afgaaffii barsiisota qofaaf fayyadamte. Odeeffannoo afgaaffiidhaan barsiisota irraa argame kanas sagalee waraabbachuudhaan waan guuramuuf yeroo deebiin kennamu qorattuun qabsiisa qabachuun odeeffannoo sana of harka tursatte. Baay'inni gaaffiwwan barsiisotaaf dhihaataniis gaaffilee banaafi cufaa yoo ta'n lakkoofsaan saddeeti.

Barsiisota af gaaffii irratti hirmaatanis qorattuun dursa haala mijeessuun bakkaafi yeroo isaan itti argamanii yaada laachuu danda'aniin hojii ishee adeemsiste. Bakki qorattuun barsiisota waliin gaaffiifi deebii geggeessite mana barumsaa Burqaa Wayyoo lakkoofsa lammaffaa kutaa magaalaa Laaftoo keessatti argamu yoo ta'u, yeroo isaan itti argamuu danda'anitti haala mijeessuudhaani. Kunis yeroo barnootaa addaan kutuun osoo hintaane wayitii yeroo isaan hinqabne adda baafachuun sagantaa kan ofiishee qopheeffachuudhaan geggeessite.

### 3.4.2 Daawwannaa Daree

Daawwannaan meeshaa ittiin odeeffannoon qorannoo kanaa funaanamu keessaa isa tokko. Innis kan taasifame kutaa keessatti yammuu ta'u kan adeemsifameefis yeroo barumsi dubbisaa gaggeeffamu kutaa sana keessatti argamuun wanta ta'uuf jiruufi tooftaalee dubbisuu barsiisonni dubbisuu ittiin shaakalsiisan xiinxaluudhaafi.

Daawwannaan waan arganiifi dhagahan kallattiin fudhachuuf mala gargaaru waan ta'eef, qorattuun bakka qorannichaatti deddeebi'uun daawwattee jirti. Yaada kana Dastaa (2013:118) irratti yeroo ibsu,"qorataan iddoo qorannoo itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti gaggeessu sana hordofa." jedha. Sababni isaas, namoonni odeeffannoon irraa argamu sagaleefi suuraa isaanii kennuu irratti fedha qabaachuu dhiisuu danda'u jedhee waan yaaduuf barreeffamaan yaada argame sana turfachuu danda'a. Kanaaf, akka yaada hayyuu kanaattis ta'ee haala qabatamaa jiruun meeshaan daawwannaa daree kun afgaaffii barsiisotaa irra olaanaadha. Sababiin isaa,qorattuun kallattiidhaan daree seentee haqa jiru tooftaaleen dubbisuu

kam hojiirra olaa akka jiran lafa keesse. Akkasumas, yaada barsiisoti kennaniin walbira qabdee ilaaluun mirkaneeffatte.

Qorannoo kana keessatti garuu qorattuun daawwannaa adeemsifame kallattiidhaan sagantaa qophaa'e bu'uureffachuun daree seentee meeshaalee barbaachisoo ta'aniin odeeffannoo guurrattee jirti. Akkasumas, sababni meeshaan kun kaayyoo kanaaf filatameef hojiirra oolmaa tooftaalee ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo mala kanaan osoo sakatta'amee wanta ijaan mul'atu tokko argachuuf salphaa waan ta'uufi. Karaa biraa, qaawwa walmadaaluu dhaba odeeffannoowwaniitiin uumamuu malu duuchuuf tooftaan daawwii daree caaseffame kutaa barnoota afaanii keessatti tooftaalee ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo shaakalsiifaman xiinxaluuf qophaa'aniin adeemsifame.

Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti qorattuun dareewwan daawwachuu barbaadde mala kaayyeffataatti fayyadamuun filatte. Sababiin mala kanatti fayyadamteefis gara oliitti ibsameera. Kunis dareen barsiisoti hundi galan kan daawwataman yoo ta'an, dareen tokko kan hinqaacceffamne ta'uu isaati. Akkaataa adeemsa isaas barsiisonni hundi daawwatamuu waan qabaniif dareewwan barsiisonni afranuu seenan hunda mala kaayyeffataatiin filachuun daree tokko marsaa afuriif waliigala marsaa kudha jahaaf daawwannaan gaggeeffameera. Meeshaaleen qorattuun qabattee daree seentes cheekliistii (mirkaneeffata), waraqaa qabsiisa itti qabataniifi meeshaa waraabbii sagaleefi fakkiiti.

Kutaalee daawwataman kanas qorattuun akkaataa koodii barsiisotaatiin haala mijeeffachuun seentee daawwatte. Kan daawwatamanis tooftaalee ogummaa dubbisuu shaakalsiifaman yoo ta'an, wayita dubbisuu boqonnaaleen afur daree tokko marsaa afuriif waliigala marsaa kudha jahaaf daawwatman. Qabiyyeen ykn matadureen dubbisa daawwatamaniis kanneen gadiiti. Raajii kubbaa miillaa, Itti fayyadama qorichaa, Anis Garaa Qabaafi Yaa kuruphee koo kanneen jedhaman ta'u. Baay'inni gaaffilee cheekliistiidhaan qophaa'aniis,lakkoofsaan sagal ta'u.

## 3.5 Adeemsa Ragaaleen Ittiin Walitti Qabaman

Qorannichaaf ragaan karaa lamaan kan walitti qabame ta'ee, adeemsi ragaa walitti qabuu kunis kan raawwatame meeshaalee ragaa ittiin funaanuuf olitti ibsaman qopheessuun mana barumsaa deemamuun kan raawwatameedha. Kana malees, gaaffilee daawwannaadhaaf mijatoo ta'an qopheeffachuun yeroo baruufi barsiisuun raawwatamutti daree barnootaa seenuun gaggeeffame.Akkasumas, af gaaffii barsiisotaaf qophaa'e fudhachuun naannoo mana barumsaatti yeroo barsiisotaaf mijaa'een raawwatame.

Bu'uuruma kanaan qorattuun odeeffannoo daawwannaadhaan argatte kana cheekliistii (mirkaneeffata) qopheeffachuun yaada yeroo daawwii sana argatte barreeffamaan qindeeffattee turfatte. Odeeffannoowwan kunneenis madda ragaa irraa kan walitti qabaman naannoo mana barumsaatti. Qorattuun odeeffannoo kana kan walitti qabattes dhuunfaadhaani. Gaaffilee odeeffannoon ittiin funaanamuuf qophaa'anis qorattuun haala of eeggannoo qabuun sadarkaa hubannaa iddattootaa yaada keessa galchuun jechoota gaaffilee sana ifa taasisan fayyadamteetti. Bakka itti ifaa ta'uu didetti illee gaaffilee sana keessa deebitee ilaaluun fooyyessaa deemuun dhimma itti baate.

## 3.6 Mala Odeeffannoon Ittiin Qaacceffame

Odeeffannoo qorannoo kanaa mala afgaaffii barsiisotaafi daawwannaa dareetiin walitti qabaman kun adeemsa qaaccessuu hordofamuu qabaniin qaacceffaman. Odeeffannoowwan kanneen qindeessuufis adeemsi barbaachise adeemsa qaaccessuu qulqulleeffataa kan bu'uureffateedha. Adeemsi qaaccessuu qulqulleeffataa odeeffannoo argame lakkoofsaan osoo hintaane mala addeessaa ykn ibsaatiin qaaccuudha.

Odeeffannoowwan afgaaffiifi daawwannaa dareetiin walitti qabaman kana qaaccessuufis haaluma qindaa'ina isaanii hordofuun adeemsa odeeffannoo qaaccessuu qulqulleeffataatiin jechaan ibsuutti fayyadamuun raawwatame. Haaluma kanaan odeeffannoowwan yeroo funaanaman qindeeffachuudhaan warra argaman mirkaneeffachuu, odeeffannoo argame kutaa kutaatti haala walfakkaataniin garee gareetti qooduufi odeeffannoon argame jechaan ibsame.

# BOQONNAA AFUR: IBSAAFI XIINXALA RAGAALEE

Kutaa kana jalatti akkaataa tooftaaleen dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu daree keessatti itti shaakalsiifaman xiinxaluu ilaalchisee, odeeffannoowwan funaanaman bifa walfakkaatuun erga qindeeffamanii booda haala haqummaa qabuun qaacceffamee hiikameera. Boqonnaan kun kan hammatu odeeffannoo gaaffilee bu'uuraa boqonnaa tokko ka'umsa qorannoo keessatti ka'aniif deebiiwwan argaman kan itti qaacceffamanii dhihaataniidha.

Haaluma kanaan odeeffannoon funaanamee qaacceffame bu'uura kan godhate afgaaffii barsiisotaafi daawwannaa daree irratti xiyyeeffateeti. Kanaaf, qindeeffamni isaas odeeffannoo qaacceffamerratti hundaa'eeti. Gaaffilee dhihaataniif deebii barsiisonni kennantu qaacceffamanii argannoon deebii barsiisota irraa argame kunis yaada sakatta'a barruu keessaa wajjin ilaalamuun ibsame.Odeeffannoon barsiisota irraa argaman kunis akkaataa xiyyeeffannoo isaaniitti bakka adda addaatti qoqqoodamuudhaan erga ka'amanii booda ibsi itti kenname.

Kunis, tooftaalee ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti shaakalsiifaman ilaalchisee gaaffilee dhimma akka ka'umsaatti xiinxalaman kanneen akka: gochaalee tooftaalee dubbisuu gabbisuuf barsiisaafi barattootaan raawwataman, tooftaalee ogummaa dubbisuu hordofamu, sadarkaan ogummaa dubbisuu barattootaa bakka irra jiru, tooftaalee barattoonni ittiin daree keessatti shaakalsiifamaniifi rakkoolee ogummaa dubbisuu barattootaarratti dhiibbaa geessisan bu'uureffachuun kan qoqqoodameedha.Kunis akkaataa armaan gadiitti bakka bakka qaqqabsiifamuun kaawwamanii jiru.

## 4.1 Qaaccessa Odeeffannoo Daawwannaa Dareetiin Argame

Akkuma boqonnaa sadii keessatti ibsame daawwannaan ragaa qorannoo mirkaneessuuf kan adeemsifamu keessaa isa tokko yoo ta'u, amanamummaan isaa guddaadha. Kana irraa kan ka'e qorattuun kunis daawwannaa dareetti gargaaramuudhaan ragaalee rakkoo kanaaf sababa ta'an funaannatte.

Kana malees, qorattuun kun yammuu daawwannaan daree gaggeeffame kanatti dareewwan afran mala kaayyeffataan filataman keessatti yeroo barsiisonni dandeettii tooftaalee dubbisuu barattootaa gabbisuuf kitaaba barataa irraa shaakalsiisan daree afranuu waliigala marsaa 16 daawwatte. Marsaa kudha jahan kana keessatti barsiisonni daree keessatti matadureewwan adda

addaa (Raajii kubbaa miillaa, Itti fayyadama qorichaa,Anis Garaa Qabaafi Yaa kuruphee koo) jedhaman duraa duubaan qopheeffatan irratti shaakallii kana dhiheessan.

Daawwannaan daree kunis, qorattuun kitaabicha keessatti dubbisni bakka inni irratti argamu sakatta'uun, akkasumas karoora waggaa qophaa'e ilaaluun yeroo barsiisonni daree seenan adda baastee kan raawwatame. Guyyoonni daawwannaan daree kun itti raawwatamanis: marsaan jalqabaa, Bitootessa, 30 - Ebla, 4/2011, marsaa lammaffaa: Ebla 28-Caamsaa 2/2011, marsaa sadaffaa: Caamsaa, 5-9 / 9 /2011, marsaa afraffaa Caamsaa, 12 /9 /2011-16 / 9 / 2011ti.

Marsaa kudha jaha deddeebite kanaan qorattuun barattoonnin tooftaalee ogummaa dubbisuu daree keessatti shaakalsiifaman irratti hanqinoonni jiran maal akka fakkaatan hubatte. Haaluma kanaan, argannoon daawwannaa daree keessatti geggeeffame kanaas akka armaan gadiitti qaacceffameera. Akkuma olitti ibsame qorattuun kun daawwannaa daree adeemsisteen adeemsa barattoota daree keessatti tooftaalee dubbisuu shaakalsiisuutiin walqabatee hanqinoonni jiraachuu isaanii mirkaneessite.

### 4.1.1 Dubbisa Sagaloo Shaakalsiisuu

Rakkoowwan mul'atan keessaa tokko barsiisonni barsiisan dubbisa shaakalsiisuuf deeman akkaataa ittiin shaakalsiisan sirnaan akka barbaachisummaa isaatti raawwachuu irratti gadaanaa ta'uu qorattuun daawwii dareetiin mirkaneeffatte. Sababni kun jedhameefis, deddeebii marsaa kudha jahaaf taasifame kana keessatti barsiisonni sadii A,B fi C'n qorattuun daree A,B C fi D seenuun daawwatte wayita dubbisuu kana shaakalsiisan ulaagaa dubbisni gaariin tokko guutuu qabutti osoo hingargaaramin matadureedhuma dubbisaa qofa gabatee gurraacha irratti barreessuun dubbisicha barattootni carraan laatameef qofti sagalee olkaasanii akka dubbisan ajajanii booda gilgaala hojjechuutti akka seenan taasisaniiru.

Barattoonni carraa dubbisuu argatan kunis kanneen silumayyuu dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu danda'anidha. Kunis kan mirkanaa'e wayita daawwiin daree taasifametti kanneen harka kaasaniif carraa dubbisuu laachuu qofa malee kanneen harka hinkaafneef laatamuu dhabuun isaa waan mul'ateefi.

Barsiisonni dubbisiisuuf carraaqqii garaagaraa taasisanis kitaabni barattoonni dubbisan ulaagaalee kana of keessatti qabatanii waan hinargamneef barsiisonni shaakalsiisuu irratti yeroo

danqaman mul’achaa ture.Yoo akkaataa kanaan kanaan kan itti fufu ta’e immoo barattoota lallaafoo xiyyeeffachuurra kanneen ciccimoo ta’an qofa faana bu’uu ta’a. Akkuma Beekan (2015) irratti ibsame barattoonni hundi ija tokkoon ilaalamanii gara fooyya’iinsaatti akka hindhufne taasisa. Akka kanaan immoo bu’aan argamu barattoonni hinhirmaatin hafan dubbisuu dadhabuu, sodaachuu ykn xiyeeffachuu dhabuu isaaniiti ta’uu danda’a. Kutaa gadiitti immoo barattoonni dubbisuu shaakaluu yoo kan sodaatan ta’e ofitti amanamummaa dhabu. Dubbisuu irratti ofitti amanamummaa dhabuu jechuun jireenya borii murteeffachuu hanqachuu jechuudha.

Yeroo tokko tokko immoo barsiisonni kun mataduree gabatee irratti barreessanii dubbisa barattoonni callisaan akka dubbisan ajajanii booda irra deebi’uun sagalee ol kaasanii akka dubbisan taasisu. Innumtiyyuu immoo kan raawwatu akkaataa itti callisaan dubbisan osoo hinqajeelchini. Haata’u malee, Beekan (2015:88) irratti, “Dubbisni sagalee dhageessisuun dubbifamu dubbisa callisaa kan dursuufi akeeka garaagaraa kan qabudha.” jedha. Toora interneetii irrattis yaadi kun,”… loud reading by students should be followed by silent reading,….” jechuun ibsamee jira. Akka yaada hayyoota kanaatti wanti daree keessatti mul’ate kun faallaa ta’uu isaati. Akka hayyoonni garaagaraa kaasanittis daa’imman oolmaa daa’immaniitii kaasee hanga kutaa sadaffaatti sagalee ol kaasuun dubbisuun murteessaadha (Brown, 2003).

Kanaafuu, barsiisonni kun dubbisa sagaloo dubbisa callisaa dura fayyadamuun osoo irra jiruu akka saayinsii isaatti shaakalchiisuu dhabuun fudhatama kan hinqabe ta’uun saayinsii dubbisuu keessaa daa’imman ala baasuu fida. Inni biraan akka barattoonni qajeelfama ittiin dubbisan hingabbifanne gochuu keessatt gahee olaanaa taphata. Yaada olii kanarraas wanti hubatamu barattoota kanneen dubbisuu hindandeenye adda baafachuu dhabuu barsiisaati.

Kun immoo barattoota dubbisuu danda’uu irratti hanqina qabaniif carraa sagalee ol kaasuun dubbisuu laataniifii madaaluun deeggarsa barbaachisu kennuu dhabuun isaanii dogoggora hamaadha. Sababiin isaas barattoonni kun barnoota Afaan Aromootiin barachuu eegaluun isaanii yeroo dhiyoo as ta’eefi kan deeggarsi barbaachisuuf inumaayyuu isaaniifi. Kun ta’ee osoo jiruu garuu barsiisonni kun haala naannoo xiyyeeffannoo keessa galchuu dhabuun haaluma barattoota Afaan Oromootiin afaan hiikkatan itti barsiisaa turaniin dubbisuu shaakalsiisuun barattoota kana of danda’anii Afaan Oromootiin dubbisuu akka hindandeenye gochuu irra darbee hirkattummaa jalatti isaan kuffisa.

Barsiisaa D’n immoo barattootni osoo hindubbisin dura qajeelfama akkaataa isaan itti dubbisan ibsaniif. Barattoonni osoo hindubbisin duras ofii isaaniitii sagalee ol kaasuun dubbisanii booda barattoonni akkeessuun akka dubbisan taasisan. Wayita kana barattoonni walii galli daree walfaana dubbisuun shaakalan. Booda barattoonni miira waldorgommiitiin lama lama ta’anii fuulduratti bahuun yeroon qabameefii sagalee ol kaasuun akka dubbisan ta’e. Kunis wayita adeemsifametti hamileen barattootaaf laatame. Namni dura dubbisee fixes nijajjabeeffama. Mala kanas irra deddeebiidhaan barattoonni isaan itti fayyadaman barattoota Afaan Oromoo tasa dubbisuu hindandeenye turan gargaarsa addaa barsiisaafi barattootaan godhameefiin dubbisuu shaakalaa jiraniini.

Dareewwan qorattuun daawwatte afran keessaa dareen tokkichi kun bifa baay’ee hawwataa ta’een miira barattootaa kan harkiseefi fedhii dubbisuu olaanaa keessa isaaniitti kan uume ture. Barsiisaan barsiisan daa’imman wayita sagalee olkaasanii dubbisuu osoo dubbisanii yoo dogoggoran nisirreessu. Barattoota duubatti hafoo sadarkaa dubbisuu isaanii madaaluun deeggarsa barbaachisu gochuufii isaanii wayita daawwii daree ifatti dubbataniiru. Barattoonni sodaa tokko malee yaada ofii bilisummaadhaan yeroo calaqqisiisantu mul’achaa ture. Kanarraa ammoo wanti hubatamu barsiisaan kun ulaagaalee dubbisni gaariin guutuu qabu fayyadamuu isaaniiti. Akkasumas, barattoonni dubbisuuf fedhii hinqabneefi xiyyeeffannoo itti hinlaanne gara dubbistoota cimoo ta’uutti dhufuu isaaniitiif abdii guddaa kenna.

Walumaagalatti, daawwii daree kanaan akka rakkootti wanti hubatame barsiisonni hundi wayita dubbisuu shaakalsiisan dura ofii isaaniitii dubbisa sagaloo dubbisiisuuf ulaagaa dubbisni gaariin guutuu qabu fayyadamaa akka hinjirre ta’uu isaaniiti. Kun immoo barattoonni waan dubbisuuf jedhan sana akka salphaatti akka isaan hindubbifne godha. Akkasumas, barattoota lallaafoo ta’an irratti xiyyeeffannoo akka hingoone taasisa. Kun yoo hinta’in immoo barattoota hunda ija tokkoon ilaalanii gara fooyya’iinsaatti akka hinfinne dhiibbaa godha. Kanaafuu, barsiisonni hundi wayita dubbisa sagaloo barattoota isaanii shaakalsiisan wantoota irraa eegaman kanneen olitti ka’an hunda raawwachuuf aarsaa of gochuun dirqama lammummaati.

### 4.1.2. Ariitiin /Saffisaafi Sakatta'aan/ Dubbisuu Barattootaa

Tooftaalee ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo yeroo ammaa itti fayyadamaa jiramu shaakalsiisuu irratti sadarkaa gadaanaa irra jiraachuu isaati. Tooftaaleen dubbisuu kanneenis boqonnaa lama jalatti ibsamanii jiru. Haata'u malee, akkaataan barsiisoti barsiisan ittiin dubbisa Afaan Oromoo shaakalsiisaa turan haaluma amaleeffannaa yookaan muuxannoo dura qabaniin barattoota muraasa fayyadamuun sagalee ol kaasanii akka dubbisan gochuu; yeroo tokko tokkos callisaan dubbisuu qofa fayyadamuu malee saffisa akkamiitiin akka dubbisuu qaban shaakalsiisaa hinturre. Tooftaalee dubbisuu kanneen akkaataa sadarkaa barattootaa waliin deeman adda baasuun shaakalsiisuus yeroon itti fayyadaman kan hinturre ta'uu daawwii dareetiin adda baheera.

Tooftaan saffisaan dubbisuu kun kitaaba barataa keessatti bakka dubbisni jiru hunda keessatti barreeffamee hinjiraatin malee bakka itti argaman qabu. Kana raawwachuuf immoo barattoonni dubbisa saffisaan dubbisuu qabu. Saffisa dubbisuu ilaalchisee barattoonni sagalee ol kaasanii yoo dubbisanis saffisa dubbisuu isaanii hordofuun madaaluuf barsiisonni sadii A,B fi C adeemsa raawwatan hinqaban. Kana gochuuf silaa daqiiqaa muraasa keessatti jechoota baay'ee dubbisuu danda'uu isaanii fa'i madaaluun sadarkaa itti laachaa deemuu qabu. Kun immoo yaada Tolamaaram (2017:49) irratti sadarkaa barattootaa baruuf xiyyeeffannoo keessa galuu kan qaban of danda'anii dubbisuu, deeggarsaan dubbisuufi gargaarsa addaatiin dubbisuu kan jedhu waliin kan wal hinargine ta'uusaati. Sadarkaa barattootaa kana yoo baran immoo garee sadan kanatti qoodanii deeggarsa sadarkaa sadarkaan jiru gochuuf mijataadha.

Akkasumas, osoo daree hinseenin dura akkamitti tooftaalee ogummaa dubbisuu keessaa saffisaan dubbisuu shaakalchiisuu akka qaban itti yaadanii qophaa'uun dhaloota dubbisaa cimaa ta'e oomishuun barsiisota irraa eegama. Haata'u malee, barsiisotni daawwataman kun dandeettii dubbisuu barattootaa gabbisuuf tooftaalee barbaachisoo ta'anitti fayyadamaa kan hinjirre ta'uu qorattuun daawwii dareetiin mirkaneeffatte. Barsiisonni kun ogummaa Afaan Oromoo dubbisuu barattootaa gabbisuu kan danda'an ofii isaaniitii qophii gochuun tooftaalee dubbisuu shaakalsiisuu qabu malee kitaaba qofa irratti hundaa'uun akkaataa ittiin saffisa dubbisuu barattootni shaakalan irratti dhiibbaa qaba. Sababiin isaa kitaabni kun tooftaalee dubbisuu hunda of keessatti qabachuu dhiisuu danda'a. Kanaaf, barsiisonni ofii isaaniitii qophii dursaa gochuu qabu.

Barsiisaan tokkichi koodii D'n saffisa dubbisuutti hamma barbaadame ta'uu baatus itti fayyadamaa akka jiru daawwannaa daree kanaan adda baafame. Kunis jalqaba ofii suuta dubbisuun, itti aansanii saffisa ittiin dubbisan dabalaa deemuun barattoonnis akkaataa kanatti akkeessuun akka shaakalan gochaa turan. Barsiisonni warri biroonis akka barsiisaa kanaatti barattoota kana waldorgomsiisuun akka dubbisan gochuun saffisa dubbisuu isaanii akka gabbifatan taasisuu nidanda'u. Kaayyoon tooftaalee ogummaa dubbisuu shaakalsiisuu tokkos barattoonni tooftaalee dubbisa ittiin shaakalan akka gabbifatan gochuudha waan ta'eef. Kitaaba barattootaa kana keessatti akka ilaalamettis tooftaalee ogummaa dubbisuu keessaa saffisaan dubbisuun waan jiruuf xiyyeeffannoo itti laachuun barsiisuun barbaachisaadha.

### 4.1.3 Dubbisa callisaa shaakalsiisuu

Callisaan dubbisuun qajeelfama kan mataa ofii qaba. Qajeelfamoonni kunis wayita dubbisuu hidhii sochoosuu dhabuu, ija qofa barreeffamarra naannessuu, quba toora barreeffamaarra deemsisuu dhiisuufi kkf fa'i. Qorattuun wayita daawwii daree marsaa kudha jahaaf geggeessitetti akkaataa barsiisonni dubbisa callisaan barattoota dubbisiisan ilaaltee jirti. Barsiisonni sadii koodii A, B fi C wayita dubbisiisan dura qajeelfamoota callisaan dubbisuu barattoonni hordofuu qaban osoo itti hinhimin ykn hubannoo hinuumin kallattiidhumaan akka callisaan dubbisan ajajaniiru.

Kun immoo kaayyoo dubbisni callisaa qabu daa'imman kanaan akka galma hinganye taasisa. Kaayyoon dubbisa callisaa galma hingeenye taanaan immoo bu'aa barattoonni argachuu malan isaan dhabsiisa. Kaayyoon isaa kunis toora interneetii irraa akka ifutti barattoonni, odeeffannoo argachuufi bashannanuuf, qajeelfamoota callisaan dubbisuu akka fayyadamaniif, hubannoon akka dubbisaniif, saffisa dubbisuutiin akka ga'oomaniifi kkf.dha.

Barsiisonni kun callisaan dubbisuu kana haa ajajan malee yeroo dubbisuu barattootaattis yeroo to'annoo taasisan hinmul'anne. Irra deddeebiidhaan wanti mul'ate barattoonni hundi kitaaba dhuunfaa isaaniitti waan hinqabneef gareen ta'uun dhuunfaan akka dubbisan gochuudhaani. Garee keessatti dhuunfaan wayita dubbisan kanatti immoo barattoonni dubbisuu dhiisanii waliin yeroo haasa'an fa'itu mul'achaa ture. Kunimmoo hordoffii cimaa ta'eefi barsiifata gaarii ta'e hordofuu dhabuu irraa madda.

Dabalataanis, wayita callisaan dubbisuu hordoffiin cimaa ta'e barsiisaa biraa dhabamuun kanneen dubbisuu hindandeenye adda baasanii deeggarsa barbaachisu taasisuu irratti gufuu cimaadha. Sababiin isaa barattoonni dubbisuu hindandeenye kun sodaachuufaa waan danda'aniif yeroo garee keessatti callisanii akka dubbisan taasifamanitti waan dubbisan haafakkaatu malee dubbisaa kan hinjirreefi warra dubbisan dahachuu isaaniitu mul'ate. Kun ta'uun isaa immoo hanqina dubbisi callisaa qabu sana mirkaneessa. Hanqinoonni kunis muraasi isaanii barattoota jalqabaaf kan hingargaarre ta'uu, yeroo tokko tokko barattoonni dubbisa dubbisan hubachuu dhabuu, deeggarsa barsiisaa dhabuu fa'i.Itti dabalees osoo dubbisanii yoo dogoggoran sirreessuuf danqaa ta'uu.Sagaleessuu barsiisuu dhabuufi dubbisaa jiraachuufi dhiisuu isaanii wal'aaluu fa'i. Kanaaf barsiisonni hanqina callisaan dubbisuun qabu beekanii dura dhaabachuun dhabamsiisuun barattoonni callisaan dubbisuuf akka danda'an deeggaruu qabu.

Keessumaa barattoonni mana barumsaa qorannoon kun irratti geggeeffamee naannoon isaan keessatti argamaniifi hawaasi naannoo isaan keessaa dhufan Afaan Oromoo dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa kana hinjechisiisne qaba. Sababiin isaas akkuma beekamu bara 2010 ALH tiin dura barnoonni Afaan Oromootiin magaalaa Finfinnee keessatti kennamaa kan hinturreefi barattoonni kunis Afaan Amaaraatiin barachaa kan turan ta'uu isaati. Kanaaf barsiisonni haala barattootaa kana xiyyeeffannoo keessa galchuun qajeelfamoota callisaan dubbisuu itti hojjechuufi yeroo dubbisaa to'annoo barbaachisu gochuu qabu. Deeggarsa barbaachisuunis barattoota bira dhaabbachuu qabu. Kun yoo hintaane barattoota dorgomtoota gochuun rakkisaa ta'a. Barsiisonni kunis kana hubatanii itti hojjechuu qabu.

### 4.1.4 Sadarkaa Ogummaan Dubbisuu Barattootaa Irra Jiru

Akkuma beekamu barattoota dubbisa dubbisuu wayita shaakalsiifnu tooftaalee garaagaraa nifayyadamna. Mataduree kana jalattis barattoonni kutaa sadaffaa dubbisuu danda'uu irratti sadarkaa attamiirra akka jirantu kaawwame. Qorattuun marsaa kudha jahaaf yeroo daree seentee daawwatte keessatti barsiisonni sadii sadarkaa dubbisuu barattootaa adda baafatanii deeggaruu irratti quubsaa akka hintaanetu mul'ate.

Barsiisonni kun barattoota sagalee ol kaasanii dubbisiisuuf kanneen dubbisuuf fedhii qabaniifi dubbisuu danda'anii carraa dubbisuu irra deddeebi'anii laatan malee kanneen dubbisuu hindandeenye adda baasuuf hinxiyyeeffanne. Kun kan jedhameefis yeroo dubbisuun adeemsifametti deddeebiidhaan kan dubbisaa turan dubbisuu kan danda'an waan ta'aniif.

Barattoonni dubbisuu hndandeenye kunis carraan kun yeroo isaan mudatutti itti gaafatamummaa isaanii bahuuf hindanda'an. Sababni isaa, sammuu isaanii keessatti kan uumamee jiru warra dubbisuu danda'antu raawwachuu qaba jedhanii yaadu waan ta'eef.

Dhiibbaan akkaataa kanaan barattoota irra gahu immoo salphaa miti. Barattoonni kun akka ija jabaatanii dubbisuu shaakalan waan hintaasifaminiif yoodhuma dubbisuu danda'anillee amaleeffannaa akkasii shaakalaan waan gabbifataa hindeemneef sodaachuu danda'u. Kunimmoo jireenya isaanii egeree irratti dhiibbaa guddaa uuma.

Barsiisaan koodii D immoo sadarkaa dubbisuu barattootaa kana madaaluuf tooftaalee garaagaraa fayyadamuu isaa qorattuun ilaalte. As keessatti barattootaaf wayita dubbisuun gaggeeffamu naamusa dubbisuun qabu nihubachiisu. Dursa haala mijeessu. Wayita dubbisa shaakalsiisanittis kanneen dubbisuu hindandeenye dubbisiisuun yoo dogoggoran nisirreessu. Barattoonnis akka waldorgoman nitaasisu. Barattoota kanas yeroo yerootti waan bira dhaabbataniif sadarkaa dubbisuu barattootaa akka guddatuuf gumaacha olaanaa taasisaniiru. Kana jechuunis barattoonni of danda'anii dubbistoota cimoo akka ta'aniif shoora olaanaa qaba. Kun immoo kan mirkanaa'e wayita daawwii dubbisa sagaloo yeroo shaakalsiisan barattoota duraan Afaan amaaraa malee dubbisuu hindandeenye fuulduratti baasanii dubbisiisaa yeroo jiranitti. Baay'inni barattoota kanaas saddeeti.

Yeroo afgaaffiin gaafatamanittis barsiisaan kun sadarkaan dubbisuu barattootaa olaanaa irra akka jiru deebii kennaniiru. Kunimmoo daawwii daree waliin yeroo walitti dhufu dhugaa ta'uu isaatu mul'ata.Barsiisonni sadan garuu wayita afgaaffiin dhihaateeffitti sadarkaan dubbisuu barattootaa kun giddu galeessa jechuun deebii laatan. Sababii isaas barsiisonni yeroo ibsanitti daree tokko keessa barataan gosi sadii jiraachuu irraa kan ka'e akkuma sadarkaa isaaniitti dubbisu jedhan. Yaada kana irraa immoo wanti hubatamu ofii deeggarsa addaa taasisuufii dhabuu isaaniiti.

Barattoonni kun garuu deeggarsi addaa kan hingodhamneef yoo ta'e ogummaan dubbisuu isaanii hubamuu irra darbee dubbisuu irratti sadarkaa gadi bu'aarra akka gahan godha. Barattoonni haalli naannoo isaan keessaa dhufan dubbisuu isaanii irratti gufuudha waan ta'eef. Naannoon isaan keessaa dhufan Finfinnee keessatti kana dura barnoota Afaan Oromootiin baratamaafi hojiin ittiin hojjetamaa kan hinturre ta'uu isaati. Kanaaf, barattoonni ogummaa dubbisuu isaanii immoo adda hinbaafanne taanaan sadarkaa dubbisuu isaanii adda baafachuun rakkisaadha.

Walumaa galatti barsiisonni qorattuun daree seentee daawwatte sadarkaa dubbisuu barattootaa adda baafatanii beekuun irratti hojjechuun guddisuuf wanti dalagan waan hinjirreef dandeettiin dubbisuu barattootaa gad aanaa ta’uun isaa mirkanaan’e.

### 4.1.5. Dubbisuu Shaakaluu Daree Barnootaan Alatti

Ogummaan dubbisuu barattootaa kan inni gabbatu tooftaalee dubbisuu shaakalsiisuu daree barnootaa keessatti fayyadamuu qofaan miti. Dareen alattis karaa al idilee ta’een dubbisuu akka shaakalan gochuun dhimma murteessaadha. Dubbisuu akka amaleeffataniifi aadaa akka godhatan dareen alatti tooftaalee adda addaatti akka fayyadaman jajjabeessuun barbaachisaadha. Kunis dubbisuun daree barnootaa keessatti wayitii barnoota dubbisuu qofa eegee kan raawwatamu osoo hintaane gocha dubbisuu dareen alaa kan dabalatuudha.

Yaada kana kan gabbisuu danda’u Beekan (2015:91) “Ogummaa dubbisuu gonfachuun afaan dhalootaafis ta’ee, afaan alagaa gabbifachuuf nugargaara. Fakkeenyaaf, kitaabilee barnootaa yoo fudhanne sirna barnootaa karaalee mootummaafi miti mootummaa barreeffamoota dhihaatan akka hubannu taasisa. Namni yoo yeroo hunda dubbise dhimma barnootaa keessatti barataa cimaa ta’uuf isa dandeessisa.”jedha. Kanaafuu, daa’imman kana dubbisa daree keessatti dubbisan qofa irratti daangessuu irra dareen alattis yeroo hunda dubbisanii dubbistoota cimoo akka ta’an gochuun jajjabeessuun barbaachisaadha.

Barsiisonni kunis kana gochuuf carraa osoo qabanii daa’imman bira dhaabbachuu kan hindandeenye ta’uu daawwannaa daree kanaan adda bahe. Carraan isaan qaban tokko magaalaa keessa waan jiraniif meeshaalee dubbisuu barattootaa gabbisan argachuu akka danda’an barattoota qajeelchuu danda’u. Dareettis meeshaalee dubbisaaf tolu kan sadarkaa isaanii waliin deemu fidanii dubbisuu shaakalsiisuun nidanda’ama. Inni biraan barattoonni kun hedduun isaanii maatii barataniifi hawaasa barate gidduudhaa waan dhufaniif maatii waliin hariiroo cimaa gochuu danda’uudha.Kana raawwachuu dhabuun isaanii immoo egeree barattootaa irratti dhiibbaa cimaa fida. Kana beekanii barsiisonni hojii shaakallii dubbisuu dareen alaa qopheessuun barattoota dubbistoota cimoo gochuun irraa eegama.

### 4.1.6. Duubee barattootaafi tooftaalee dubbisuu hubannoo keessa galchuu

Barattoota dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenye adda baafachuun akka shaakalan gochuu ilaalchisees qabatamaadhaan qorattuun yeroo daree seentee daawwatte wanti mul'ate marsaa kudha jahan kana keessatti barsiisota afran keessaa barsiisaa D qofatu barattoota Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenye adda baasuun akka shaakalsiise ragaan walqabsiisee hojii irra oolche. Barattoonni kunis dura Afaan Oromoo dubbachuus ta'ee, dubbisuu kan hinbeekne ta'uu qabatamaatti barsiisaan hamilee kennisiisuufiin ibsan. Isaanis mana barumsaa Afaan Amaaraatiin baratamu Magaalaa Finfinnee keessaa dhufuu isaanii yeroo daawwannaa dareetitti afaan barsiisaarraa dhagahuun qorattuun mirkaneeffatte. Barattoonni kunis Afaan Oromoo dubbisuu danda'uun isaanii daawwiin bira gahame.

Akkasumas, barsiisaan D'n barsiisan afgaaffii yeroo gaafataman barattoota daree keessatti wayitiidhuma barnoota idilee akka shaakalsiisaniifi duubdeebii laachaa akka deeman deebii laatan. Innis tokko barattoota Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenye kanneen dubbisuu danda'an bira kaa'uun akka walgargaaran gochuun ture. Dabalataanis, ofii isaaniitii dubbisuun akkeessanii akka dubbisan gochuunis deeggarsa biraa barsiisaadhaan raawwatame ture. Mala kanatti kan fayyadamaniifis akka isaan warra dubbisuu danda'an sana waliin shaakalan gochuudhaafi. Malli kun yaada Nuttall (1982:168) irratti " The best way to improve your knowledge of foreigne language is to go and live among speakers…." jettuun kan walsimu ta'uu hubanna.

Inni biroon, barattoota lama lamaan fuulduratti baasuun waldorgomsiisanii akka si'aayinaan dubbisan gochuun miira dubbisuu keessatti uumuun shaakalsiisuu akka ta'e ibsaniiru. Kun immoo qabatamaadhaan daawwannaa dareetiinis mirkanaa'eera.

Barsiisonni sadan koodii A, B fi C wayita daawwatamanitti kanneen dubbisuu danda'aniif carraa dubbisuu kennuu irraa kan hafe deeggarsa addatti barattoota Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenyeef godhan mul'ate akka hinjirre daawwannaa dareetiin adda baheera. Barattoonni kunis fedhii dubbisuu akka godhataniif dadammaqiinsi barsiisaa biraa godhame hinjiru. Afgaaffii gaafatamaniin irratti akka ibsanitti garuu barattoota dubbisuu danda'an biratti ramaduufi ofiis kophaatti gargaaraa akka jiranidha. Haata'u malee, wayitii gareen ta'anii dubbisanitti barattoonni marii garee keessatti afaan ittiin waliigalaa turan. Afaan Amaaraa ta'uu isaa yeroo daawwii daree

adda baheera. Kun immoo barattoota Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenye adda baasanii shaakalsiisuu irratti gadaanaa ta’uu isaa mul’isa.

Akkasumas afaan ittiin barachaa jiran xiyyeeffachuu dhabuutu hubatama. Hayyuun Nuttal (1982) akka ibsitutti garuu, dandeettii dubbisuu afaan keenya isa jalqabaas ta’e isa lammaffaa barannee guddisuuf afaanichaan dubbisuun barbaachisaa akka ta’edha. Haata’u malee barattoonni daawwataman afaanichaan guutummaa guutuutti gargaaramaa kan hinjirre ta’uun hubatameera.

Barsiisonni barsiisan Afaan Oromoo dubbisuu shaakalsiisuu irratti hanqina akka qabantu mul’ata. Akkas taanaan immoo duubee barattootaa xiyyeeffachuu dhabuu irra darbee ogummaa dubbisuu gonfachuu irratti dhiibbaa qaba. Akkasumas ofitti amanamummaa dhabsiisa.

Walumaa galatti duubee barattootaa bu’uureffachuun tooftaalee ogummaa dubbisuu shaakaluu hojiirra oolchuu ilaalchisee bifa addaatiin barattoota kana gargaaraa kan ture barsiisota afran keessaa barsiisaa tokko qofa ture.Barsiisonni sadan immoo yeroo daawwii daree wanti isaan haala naannootiin walqabsiisanii addatti barattoota kana dubbisuu shaakalsiisuuf gumaachan hinturre. Akkuma kitaabarra jiruttiifi yaada isaaniitti dubbisiisan. Akkaataa kanaan duubee barattoota kanaa jijjiiruun kan hindanda’amne waan ta’eef haala barattoonni kun keessaa dhufan beekuun dhimma murteessaadha.Barsiisonni daa’imman kana barsiisaa turan immoo achees dhuftee barattootaa adda hinbaafanne yoo ta’e kunis naanna’ee dubbisa danda’uu barattootaa irratti dhiibbaa fideera jechuudha.Kanaafuu,dandeettii barattoota Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenyee foyyeessuuf duubee barattoota kanaa xiyyeeffannoo keessa galchuun tooftaalee dubbisuu fayyadamuun barbaachisaadha.

### 4.1.7 Ogummaa dubbisuu Barattootaa Rakkoo Jiru

Barattoonni mana barumsaa Burqaa Wayyoo akkuma beekamu kanneen dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu irratti hanqina bal'aa qabanidha. Sababiin isaa, waggaa lamaan dura barnoonni magaalaa Finfinnee keessatti Afaan Oromootiin mana barumsaa mootummaa keessatti laatamaa hinturre. Manni barumsaa qorannoon kun irratti geggeeffame erga hundaa'ee waggaa lama keessa jira. Kana jechuun barattoonni kun mana barumsaa kan biraa Afaan Amaaraatiin barnoonni keessatti kennamu keessaa dhufuu isaanii agarsiisa.

Maatiin barattoota kanaa Afaan Oromoo dubbisuu yoo danda'an illee sababii afaan hojii magaalichaa hinturreef xiyyeeffannoo itti laachuu dhiisuu danda'u. Hawaasni naannoo barattoonni keessaa dhufanii Afaan Oromoo dubbisuu danda'uu isaaniitiif murteessaadha. Kanaan walqabatee duubeen barattoota kanaa Afaan Oromootiin dubbisuu danda'uu isaanii irratti dhiibbaa qabaachuu isaa irra darbee yoo dubbisan xiyyeeffannoo akka itti hinlaannetu hubatama. Hayyoonni yeroo dubbatanitti dubbisuutti xiyyeeffannoo laachuun barbaachisaa akka ta'edha. Fakkeenyaaf akka Baddiluun (1996:35) jedhutti dubbisuu dadhabuuf sababa kan ta'e yeroo dubbisanitti xiyyeeffannoo gochuu dhabuudha. Kanaaf, maatiin barattootaa dubbisuu isaaniitti xiyyeeffannoo laachuus ta'ee barattoonni dubbisuu danda'uuf yaada isaanii dubbisicharra kaa'uun murteessaadha.

Akkasumas toora interneetii sakatta'a barruu keessatti ibsame irratti," A child's reading ability can be affected by many factors including background knowledge, ability, home environment, school experiences and interest level." jechuun dhimma kana cimsee kaa'eera. Kunis dandeettiin dubbisuu daa'immanii karaa muuxannoo, naannoo jireenyaa, naannoo mana barumsaa sadarkaafi kan biroonillee hubamuu akka danda'u waan ibsuuf  barattootni mana barumsaa kana keessatti barataa jiranis kanaa ala akka hinjirreetu hubatama.

Dabalataanis, manni barumsichaa barachuu barattootaatiif mijataa ta'uu dhabuu irraa kan ka'e ogummaa dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa qaba. Kunis kan jedhameef kutaan isaanii xixiqqoo ta'uu irraa kan ka'e barattoonni daree tokko keessatti baay'achuu, golli dubbisaa kan hinjirreefi wantoonni dubbisuu barattootaa hawwatan, fedhii dubbisuu keessa isaaniitti horan daree keessaa dhabamuu isaaniitu daawwii kanaan mirkanaa'e.

Barsiisonni barsiisanis ofiin yaadanii ogummaa dubbisuu barattootaa guddisuuf gola dubbisaa qopheessuu dhabuun daawwii daree taasifameen ifa ta'eera. Daa'imman kanaaf golli dubbisaa osoo qophaa'eefii muuxannoo dubbisuu horachaa waan deemaniif wantoota ogummaa dubbisuu isaanii irratti dhiibbaa fidan ofirraa qolachuu danda'u. Kanaafuu, barsiisonni wantoota dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa geessisan kanneen dhabamsiisuuf itti hojjechuun irraa eegama. Faayidaafi hubannoo golli dubbisuu qabus beekanii itti fayyadamuun irraa kan eegamuudha.

Walumaagalatti, hanqinoonni yeroo daawwannaan daree adeemsifame mul'atan: barsiisonni dubbisa shaakalsiisuuf deeman irratti qophaa'ummaa dhabuu, tooftaa dubbisni ittiin skaakalsiifamu gaarii ta'e filatanii itti fayyadamaa kan hinjirre ta'uu, ulaagaalee dubbisni gaariin guutuu qabu fayyadamuu dhiisuu, qajeelfamoota dubbisuu barattoota kan hinhubachiifneefi itti fayyadamni isaa sadarkaa gadaanaarra jiraachuun tokko. Inni biraan barattoota duubee isaanii bu'uureffachuun gargaarsa addaa akka barbaachisummaa isaatti kan hinraawwanneefi golli dubbisaa qophaa'uu dhabuun hanqina guddaa ta'uun isaa adda baafame.

## 4.2. Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barsiisotaaf dhihaateen Argame

Akkuma mataduree isaa irraa hubachuun danda'amutti kutaa kana keessatti immoo afgaaffii barsiisota bara 2011 magaalaa Finfinnee keessatti mana barumsaa Burqaa Wayyoo keessaa Afaan Oromoo kutaa 3ffaa barsiisan tooftaalee dubbisni daree keessatti ittiin shaakalchiifamu waliin walqabatee gaaffilee dhihaataniif deebii isaan kennantu qaacceffame. Gaaffiiwwan afgaaffii barsiisotaatiif qophaa'anis baay'inni isaanii sgal kan ta'anioidha.

Qorannoo kana keessatti barsiisonni akka iddattootti filataman lakkoofsaan afuri. Isaanis dhiira sadiifi barsiistuu dubartii tokko. Barri tajaajila isaanii waggaa kudha afurii hanga digdamii afurii yoo ta'u, barnoota Afaan Oromoo waggaa dheeraadhaaf jechuun hammuma tajaajila isaanii kanaan walgitu barsiisaniiru. Sadarkaan barnoota isaaniis hundumtuu digiriidha. Kanarraa wanti hubatamu barsiisonni ogummaa barsiisummaatiin muuxannoo dheeraa qabaachuu isaaniiti. Walumaagalatti, qorannoo kana qabatamaa gochuuf daawwannaa daree gidduuttiifi booda odeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuuf barsiisota afurii wajjin yeroo garaagaraatti qorattuun gaaffiifi deebii gaggeessuudhaan deebiin isaanii akka qaacceffamu ta'e. Gaaffiiwwan dhihaataniifi deebii barsiisonni kennan akkaataa walitti dhiheenya yaadaatti qoqqooduun akka armaan gadiitti cuunfamuun kaa'ameera.

### 4.2.1 Dubbisa tooftaalee dubbisuutiin fayyadamanii shaakalsiisuu

Gaaffii1ffaa Tooftaalee dubbisuu kamiin Afaan Oromoo dubbisiisuuf yeroo baay'ee daree keessatti akka fayyadaman akka ibsaniif gaaffii dhihaateef irratti barsiisonni afran koodii A B C fi D yaada garaagaraa laataniiru. Barsiisaa koodii C'n akka qorattuuf ibsanitti, yeroon dubbisa Afaan Oromoo barsiisu tooftaalee ogummaa dubbisuu garaagaraa fayyadameen dubbisuu shaakalsiisa jedhan. Irra deddeebiidhaan garuu saffisaan dubbisuuttin gargaarama. Sababiin isaa jedhu barsiisaan, dubbisichi yeroo baay'ee barattoonni ergaa waliigalaa hubachuu isaanii irratti xiyyeeffata. Akkasumas, ergaawwan murtaa'oo yaadolee xixiqqaa of keessatti qabatan akka himan gaafata.

Haata'u malee, akkaataan dubbisuu barattootaa kun sadarkaa isaan irra jiran kanatti isaan hinmadaalu. Sababiin isaas barattoonni kun akka daawwii dareetiin hubatametti sagaleefi qubee walitti firoomsuun dubbisuuf iyyuu deeggarsa barbaadu. Kanaafuu, ariitiin dubbisuun isaan danquu danda'a. Haata'u malee, barattoonni kutaa sadaffaa jiran kun saffisaan dubbisuu fayyadamuu qofa osoo hintaane suuta jedhanii dubbisa sagaloo fayyadamuun shaakaluu qabu. Ogummaan dubbisuu barattoota kanaas akkaataa kanaan gabbachuu danda'a.

Barsiisaan lammaffaarratti B'n gaafatamanis tooftaa dubbisuu yeroo baay'ee itti fayyadamuun shaakalsiisu callisaan dubbisuudha jedhaniiru. Sababa isaa yeroo ibsanis, daa'imman kun cimanii qabiyyee dubbisichaa baraa akka deemaniifi hubannoo akka gabbifatan gochuufi. Kunimmoo ogummaa hubachuu daa'imman keessatti akka gabbatu taasisa jedhu. Barattoonni kun sadarkaa amma irra jiranitti kan isaan irraa eegamu qabiyyee dubbisaa hubachuu osoo hintaane akkaataa itti ogummaa dubbisuu isaanii foyyeffachuuf shaakalan gabbifachuu isaaniiti. Kanaaf, daa'imman kutaa sadii jiran callisaan dubbisiisuu qofti akka hingahoomsine hayyoonni ka'aniiru. Fakkeenyaaf Brown (2003) daa'imman oolmaa daa'immaniitii hanga kutaa sadiitti sagalee ol kaasuun dubbisuu shaakalsiisuun barbaachisaa akka ta'e ibsa.

Sadaffaa irratti barsiistuun koodii C gaafataman wayita ibsanitti, akkaataa itti barattoonni dubbisuu shaakalan gadifageenyaan dubbisuudhaaf jecha callisaan dubbisiisuu shaakalsiisuun fayyadama jedhan. Sababiin gosa dubbisuu kanaan shaakalsiisanii kanneen biroo dhiisaniif garuu hinibsamne. Wayita daawwii dareetti akkaataan itti isaan dubbisa shaakalsiisan isa deebii laatan kana osoo hintaane barattoonni garee keessa jiran keessatti kitaabuma tokkorraa sagalee ol kaasanii dubbisuufaatu mul'achaa ture. Kun immoo kan agarsiisu barsiistuun tooftaalee dubbisuu

fayyadamuun dubbisa shaakalsiisuuf xiyyeeffannoo kan itti hinkennineefi tooftaalee kanneen adda baasuun sirnaan hojiirra oolchaa kan hinjirre ta'uu isaati. Akkaataan dubbisuu barattootaa kunis osoo saayinsii isaa kan eeggatee raawwate ta'ee ogummaa dubbisuu barattootaa gabbisuu danda'a. Haata'u malee garuu, haalli itti barattoonni gocha kana raawwatan kun jeequmsaaf karaa bana malee ogummaa dubbisuu barattootaa hinmadaalu. Sababiin isaa tooftaa dubbisuu kamiin fayyadamanii akka dubbisaniifi qajeelfamni laataniif hinjiru waan ta'eef.

Yeroo baay'ees jedhu barsiisonni kun dura callisaan dubbisiisuun booda sagalee olkaasuun akka dubbisan goona. Yeroo tokko tokko immoo tooftaalee lamaan keessaa tokko qofatti fayyadamna jedhan. Kun immoo akkaataa itti tooftaalee dubbisuu fayyadamuun shaakalan irratti dhiibbaadha. Akka hayyoonni tokko tokko jedhanitti dubbisni sagaloo dubbisa callisaa dura dhufuu akka qabudha. Wanti hubatamu kan biraan akaakuun dubbisuu kun lamaan qofa qofaatti hojiirra oolu osoo hintaane dubbisuma tokko shaakalchiisuuf walduraa duubaan kan itti fayyadamamaniidha.

Dhuma irratti barsiisaan koodii D gaafataman, yeroo baay'ee mataduree kitaaba sana irra jiru dhihootti yoo hinbeekan ta'e yookaan isaaniif haaraadha ta'e sakatta'aan ykn ariitiin dubbisiisuuttin fayyadama. Sababni isaa salphaatti dubbisicha dubbisuu danda'u waan ta'eef salphaa irraa gara cimaatti akka dhufan gochuudhaaf jedhan. Dubbisicha dhihootti beeku yoo ta'e immoo dubbisuu shaakaluu akka danda'aniif callisaan akka dubbisanin godha. Kana gochuuf immoo dursee ofii qophaa'uun qaba yaada jedhu kaasan. Akka yaada barsiisaa irraa hubatamutti tooftaa dubbisa callisaa fayyadamuu isaaniiti.

Kanaafuu, deebii barsiisotaa irraa wanti hubatamu barsiisonni adeemsa dubbisuu kana haala walfakkaataadhaan barattoota isaanii shaakalsiisaa akka hinjirreefi tooftaalee garaa garaa jijijjiiranii hojiirra oolchaa akka hinjirreedha. Callisaan dubbisuu haafayyadaman iyyuu malee akkaataa walfakkaataa ta'een itti fayyadamuu dhabuu isaaniitu hubatama. Kun immoo garaagarummaa dandeettii dubbisuu gabbifachuu daa'imman gidduutti babal'isa. Dabalataanis, dubbisa callisaa qofa irratti xiyyeeffachuun isaanii dandeettii dubbisuu barattootaa gahoomsuu irratti dhiibbaa akka fidutu mul'ata. Kanaaf immoo, sababni isaan kaa'an tooftaalee dubbisuu hunda irra deddeebiidhaan shaakalsiisuuf kitaabichi kan hinaffeerre ta'uu isaati. Kunis faayidaa akaakuun dubbisuu qabu argachuu irraa barattoota daangessa.

Fakkeenyaaf, sakatta'a barruu keessatti akkuma ibsame Tolamaaram (2017:46) irratti, "Dubbisaa/stuu cimaa/tuun nama sagaleefi qubee walitti firoomsee si'aayinaan dogoggora malee dubbisee ergaa hubachuu danda'u. Kanaaf, ga'umsi si'aayina, sirrummaafi ibsa of keessatti qabata jechuudha." jedha. Akka yaada kanarraa hubatamutti yoo sagalee ol kaasanii dubbisan malee sagaleefi qubee walitti firoomsuun isaanii adda bahee beekamuuf nama rakkisa. Kanaaf, barsiisonni barsiisan akkaataa itti dubbisa shaakalsiisan irratti hanqinni bal'aan jiraachuun isaa afgaaffii kanaan adda baheera. Barattoonni dubbistoota cimoo akka ta'an gochuuf barsiisaa irraa kan eegamu sagaleefi qubee walitti fidanii dubbisuu shaakalsiisuudha. Kana gochuuf immoo dubbisa sagaloo fayyadamuun barbaachisaadha. Isaan garuu baay'inaan akka dubbisa callisaa fayyadamuun dubbisiisan himan.

Barattoonnis kanumarraa ka'uun tooftaalee ogummaa dubbisuu adda baasanii itti gargaaramuu irratti rakkinni akka isaan mudachaa jirutu mul'ata. Akkasumas kutaa walfakkaatu haabaratan malee akkaataan dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu itti shaakalan barsiisonni xiyyeeffannoo itti laachuu dhabuu irraa kan ka'e dareedhaa dareetti garaagarummaan jiru dhiibbaa irratti uumaa jiraachuu isaatu bira gahame.

### 4.2.2 Sadarkaa ogummaan dubbisuu Afaan Oromoo barattootaa irra jiru

Gaaffii 2^ffaa Barattoonni akkuma waliigalaatti dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu hammam danda'u gaaffii jedhuuf deebiin barsiisota irraa funaaname akkaataa garaagarummaa yaada barsiisotaatiin qaacceffameera. Barsiisota afran keessaa sadan koodii A,B fi C hangi dandeettii dubbisuu barattootaa giddugaleessa jechuun ibsaniiru. Sababa yeroo ka'anis duubeen barattoota kanaa Afaan Oromoo dubbisuu danda'uu irratti rakkoo qabaachuufi dandeettiin barattootaa kan walcaalu ta'uu isaati. Barattoonni akkuma dandeettiin isaanii garaagara ta'etti dubbisuu danda'u jedhan.

Kanarraas wanti hubatamu duubeen barattoota kanaa xiyyeeffannoo keessa galuun deeggarsi akka taasifamaafii hinjirreedha. Kun kan jedhameefis barattoonni dandeettiidhaan wal haacaalan malee warra suuteeyyii gara giddu galeessaatti fiduuf gocha raawwatan wanti ibsame hinjiru. Kunimmoo dandeettii dubbisuu barattootaa boodatti kan deebisu ta'uun isaa gamanumaan kan mul'atu ta'uu argina. Barattoota dandeettii cimaa qaban qofatu dubbisa yoo ta'es kanneen dubbisuuf danqaman ittumaa mujuchuu ta'a.

Barsiisaan tokko hafan koodii D immoo dandeettiin dubbisuu barattootaa baay'ee ol aanaa ta'uu isaa ibsa. Sababni inni kaa'us barattoonni kun jalqaba yeroo dhufan Afaan Oromoo dubbisuu mitii maqaa qubee Afaan Oromoo kan hinbeekne ta'anii osoo jiranii yeroo gabaabaa kana keessatti garuu dubbisa dubbisuu shaakaluun isaanii dubbisuu danda'uu isaanii agarsiisa jedhan. Yaada barsiisaan kennan kana qabatamaatti qorattuun daawwannaa dareetiin barattoonni kun deeggarsa barsisaa malee dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneeffatteetti. Haata'u malee saffisaan dubbisuu irratti deeggarsi akka barbaachisuun dagatamuu hinqabu.

Kanaaf akka waliigalaatti barattoonni kun dubbisa dubbisuu danda'uu irratti sadarkaa giddu galeessaarra jiraachuu isaaniitu hubatama. Kun immoo deeggarsaan akka dubbisan agarsiisa. Deeggarsaan dubbisu erga ta'ee immoo barsiisonni kunis deeggarsa barbaachisaa ta'e gochuufiin gara of danda'anii dubbisuutti barattoota kana fiduun dubbistoota cimoo ta'an gochuun akka barbaachisu hubatame. Kunis kan ibsame afgaaffii barsiisotaaf dhihaate irraa ka'eeti.

### 4.2.3 Duubee barattootaa bu'uureffachuun tooftaalee dubbisuu shaakalsiisuu

Gaaffii 3[ffaa]Duubee barattootaa bu'uureffatanii taaftaalee garaagaraa jijijjiiranii dubbisuu shaakalsiisuu irratti deebiin barsiisotaa garaagaraan qaacceffameera. Barsiisonni A,B fi C wayita ibsanitti, barattoota qubee Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenye sagalee olkaasanii yeroo dubbisan adda baafachuudhaan warra dubbisuu danda'an biratti ramadnee akka dubbisan gochuun gargaarra jedhan. Haata'u malee, naannoon barattoonni kun keessa jiran barattoota dubbisuu danda'an biratti ramadanii dubbisuu akka danda'an gochuu qofaan jijjiiramni ogummaa dubbisuu barattootaa irratti akka dhufuuf hin affeeru. Dirqama osoo hinjaallatin barattoonni kun hiriyoota waliin yeroo walitti dhufan Afaan Amaaraa gargaaramu waan ta'eef.

Dabalataanis, barsiisonni wayitii boqonnaa isaaniitti qubee Afaan Oromoo dubbisuu akka shaakalsiisan ibsan. Kan isaan sababeeffatanis barattoonni kun duraan Afaan Amaariffaatiin barachaa kan turaniifi maatiin isaan keessaa dhufanis hanqina Afaan Oromootiin dubbisuu danda'uu kan qaban ta'uu isaatiiniti. Yaadi kun garuu amansiisaa akka hintaane nihubatama. Sababiin isaa yoo barsiisonni boqonnaa qabaatanillee barattoonni immoo guyyaa guutuu waan barataniif yeroon itti shaakalsiifaman hinturre.

Barsiisaan D immoo jalqabuma wayitan kutaa seenuun barnoota darbe yaadachiisuu irraa eegalee barattoonni kun jecha sagalee dheeraa gabaabsuun; sagalee gabaabaa kan qabu

dheeressuuniifi kanneen biroos sagalee jijjiiruun wayita itti dubbisantu jira. Kanaaf, jechoota dubbisan irraa ka’een duubdeebii (sirreeffama) laachaa deema jedhan. Kunis daa’imman sagaleefi qubee walitti fidanii si’aayinaan akka dubbisan godha. Yoo akkaataa kanatti dubbisan immoo dubbistoota cimoo ta’uufi gahumsa ogummaa dubbisuus gabbifachaa deemuu isaanii agarsiisa.

Yaada kana ilaalchisee sakatta’a barruu keessatti Tolamaaram (2017:49) irratti“Sirrummaa jechuun dubbisa tokko dogoggora ykn hanqina tokko malee dubbisuu danda’uu jechuudha” jedha. Kanaafuu, akka yaada kanaatti gochi barsiisaa kanaa barattoonni dogoggora tokko malee dubbisuu akka danda’an taasisaa jiraachuun hubatameera.

Itti dabalees, barsiisaan barsiisan ijoolleen dubbisa akkamitti yeroo kenname sana keessatti dubbisuu danda’u kan jedhu dursee itti yaaduun qaba jechuudhaan deebii wayita laatanitti, maloota adda addaa akka fayyadaman ibsan. Dubbisa yeroo tokko tokko barattoota cimoo ta’an fayyadamuun ergan dubbisiisee booda barattoonni hafan isaan dubbisan akkeessuun akka dubbisanin taasisa. Yeroo tokko tokko immoo ofiikootii sagalee ol kaasuun ergan dubbisee booda akkeessuun akka dubbisan gochuufi qofaatti immoo dabaree dabareedhaan akka isaan dubbisanin ajaja. Yeroo tokko tokkos barattootumti dhuunfaadhaan callisanii eeggattummaa tokko malee akka dubbisanin taasisa. Yeroon barattoota lama sadii bifa waldogommiitiin akka dubbisan godhus jira jedhan. Kunis kaayyoon isaa jedhu barsiisaan dubbisa sirriitti dubbisuu danda’uu isaanii ittiin madaaluuf barbaachisaadha.

Haata’u malee, yaada olii kana irraa wanti hubatame akka waliigalaatti barsiisonni garri caalaan duubee barattootaa kana sirriitti akka xiyyeeffannoo itti hinlaanneedha. Sababni kun jedhameefis wayita daawwannaan daree adeemsifametti barattoonni gareen yeroo mari’atan Afaan Amaariffaatiin yaada wal jijjiiruun dhimma bahaa turuun isaanii mul’ateera. Yaadi kun kan Nuttall, (1982)” Dandeettii afaan keenya isa jalqabaas ta’e isa lammaffaa barannee guddisuuf afaanichaan dubbisuun baay’ee filatamaadha.” jedhuun wal hinfakkaatu. Akka kanatti immoo dandeettiin dubbisuu barattootaa dagaaguu irra quucaraa deema jechuudha. Itti dabalees yeroo dubbisa sagaloo fayyadamanitti qophiin dursaa raawwatan kan hinjirre ta’uutu mirkaneeffatame.

### 4.2.4 Barattoota Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenye deeggaruu

Gaaffii 4ffaa Barattoonni Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenye yoo jiraatan gargaarsa maalii gootaniif jedhuuf barsiisonni afranuu kan dubbisuu hindandeenye jiraachuu isaanii himanii, deeggarsa gochaafii akka jiran ibsaniiru. Gargaarsi isaan taasisaniifis barattoota Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenye kan dubbisuu danda'n biratti ramaduudhaan akka walshaakalsiisan gochuudhaafi ofiis qofaatti adda baafnee shaakalchiisuun gargaarra kan jedhu ture. Haata'u malee, kana gochuun isaanii gahaa ta'uu hindanda'u. Sababiin isaa, barattoonni kun kitaabilee Afaan Oromootiin barreeffaman kan dareen alatti dubbifamuu danda'an illee dubbisuu shaakaluun ogummaa dubbisuu gabbifachuu qabu waan ta'eef. Kitaabni isaan dareetti fayyadaman qofti gahaa miti jechuudha. Akkasumas barattoota biratti ramaduun qofti ogummaa dubbisuu barattoota kanaa gabbisuu hindanda'u.

Kanaan walqabatee yaadi isaan kaasan kun daawwii dareetiin akka ilaalamaa turetti yoo ta'e barattoonni gareen wayita ta'anii dubbisan kanneen dubbisuu hindandeenye deeggaruuf hubachiisi kennameef waan hinjirreef ofii isaaniitii ariifatanii dubbisuun bira darbuu isaanii waan gammadaniif jara shaakalsiisuu irratti hinxiyyeeffatan. Akkasumas yeroo walitti dhufanitti waliin dubbii keessatti Afaan Oromoo yeroo isaan itti hinfayyadamnetu ture. Kun immoo barattoota dubbisuu hindandeenye ittuu boodatti hambisuu malee waan jijjiiru akka hinqabne hubachiisa.

### 4.2.5 Dandeettii Dubbisuu barattootaa irratti wantoota dhiibbaa fidan

Gaaffii 5ffaaOgummaa dubbisuu barattootaa irratti wantoota dhiibbaa uuman akka ibsaniif wayita gaafatamanitti barsiisonni barsiisan afran yaada qaban garaagaratti ibsaniiru. Yaadi isaanii kunis akkaataa garaagarummaa isaatti qaacceffame. Barsiisonni afranuu dhiibbaan dubbisuu barattootaatiin walqabatee jiru tokko haala naannoofi hawaasa naannoo barattoonni keessaa dhufaniiti jedhu. Kana jechuun naannoon barattoonni keessaa dhufan sabaafi sablammiin garaagaraa waan keessa jiraataniif afaan isaan itti gargaaraman afaan garaagaraa ta'uu irraa kan ka'e ogummaa Afaan Oromoo dubbisuu gabbifachuu irratti dhiibbaa geessisa jedhan. Akki dhiibbaa itti geessisus daa'imman naannoo mana isaaniifi mana barumsaatti namaan waliigaluudhaaf Afaan Oromootiin fayyadamuu dadhabuu isaaniitiini.

Barreeffamoonni garaagaraa isaan naannoorraa ijaan ilaalanii dubbisuun sammuu isaanii amaleeffachiisaa dhufanis baay'een isaa Afaan Oromootiin osoo hintaane Afaan Amaaraatiin

ta'uu irraa kan ka'e ogummaa Afaan Oromoo dubbisuu isaanii irraatti dhiibbaa geessisaa akka jiru barsiisonni himaniiru.

Dabalataanis, maatiin barattoota kanaa baay'inaan Afaan Oromootiin daa'ima isaaniin waliigaluu dhiisanii afaan biraadhaan yeroo waliigalantu mula'ata. Kun immoo hubatamuu kan danda'e daa'imman dubbisa yeroo dubbisan akdubbiin (pronunciation) isaanii kan Afaan Oromoo fakkata osoo hinta'in afaan isaan yeroo baay'ee ittiin waliigalaa turan fakkaachuu irraa kan ka'e dhiibbaa akka irratti uumutu argama jedhan.Barsiisaan D immoo kana dhabamsiisuuf ykn xiqqeessuuf malli ani itti fayyadamu maatii waamuun mariisiseen akka ogummaa dubbisuu isaanii manattis gabbifatan jajjabeessuu qaban hubannoo uuma jedhan. Kun immoo dirqama maatiin barattootaa bahuu qaban hubachiisuufi dandeettii dubbisuu barattootaa gabbisuu keessatti shoora olaanaa qaba.

Akka waliigalaatti yaadi barsiisotaa kun barsotaan xiyyeeffannoo keessa galfamee daa'imman gara dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu danda'uutti madaalliin isaanii akka jal'atu gochuu akka qaban hubatama. Akkasumas matii barattootaatiif hubannoo uumuun irraa kan eegamu ta'uun isaa bira gahameera. Afgaaffii barsiisotaaf dhihaatan kanneen irratti hanqinoonni tooftaalee dubbisuu barattootaa irratti mul'atan, tooftaa ittiin ogummaa dubbisuu barattootaa gabbisuu danda'an akkaataa walfakkaataa ta'een fayyadamuu dhabuu barsiisotaa, akkaataa tooftaaleen dubbisuu yeroo hunda ittiin shaakalsiifamuu qabuun shaakalchiisuu hanqachuu, duubee barattootaa beekanii tooftaalee dubbisuu garaagaraa fayyadamuu dhabuu, akaakuuwwan dubbisuutti sirnaan tartiiba isaanii eeguun kan itti fayyadamaa hinjirreefi barattoota dubbisiisuu dura adeemsa deemamuu qabu deemuu dhabuun isaanii bira gahameera. Akkasumas, wantoota dubbisuu barattootaa irraan dhiibbaa geessisan adda baafatanii itti hojjechuu dhabuun isaanii bira gahameera.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti, qaaccessi akkaataa tooftaaleen dandeettii dubbisuu daree barnootaa keessatti itti shaakalsiifaman mana barumsaa Burqaa Wayyoo sadarkaa tokkoffaa kutaa sadaffaa magaalaa Finfinnee keessatti argamu irratti xiyyeeffachuun qophaa'e.Akkaataa tooftaaleen dandeettii dubbisuu ittiin shaakalsiifamu adeemsa dareefi barsiisota sakatta'uun, wantoota dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu irratti sababa ta'an ilaalchisee ragaalee boqonnaa afur keessatti qaacceffaman irratti hundaa'uudhaan cuunfaa, argannoofi yabootu barreeffamee argama.

## 5.1 Cuunfaa

Qorannoo kana keessatti meeshaalee funaansa ragaalee afgaaffiifi daawwannaa daree gochuudhaan qaaccessa akkaataa tooftaaleen dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu daree barnootaa keessatti ittiin shaakalsiifamu sakatta'uuf yaaliin taasifameera. Barsiisonni afgaaffii irratti kan hirmaatan yammuu ta'u, daawwannaan darees barattootni hundi tooftaalee dubbisuu shaakaluu irratti hirmaachiseera. Akkasumas gaaffiiwwan dhihaataniif deebiin duraa duubaan kennameera.

Kana irraa ka'uun, barattoonni rakkoo qajeelfamoota tooftaalee dubbisuu haala walfakkaataa ta'een hubachiifamuu akka qaban hubatameera. Tooftaaleen ittiin dubbisuu shaakasiifaman dareedhaa dareetti ykn barsiisaarraa barsiisaatti garaagara akka ta'e daawwii dareefi afgaaffii barsiisotaa irraa hubachuun danda'ameera. Kun immoo, barattoota mana barumsaa Burqaa Wayyoo sadarkaa tokkoffaa kutaa sadaffaa rakkoon tooftaalee ittiin dubbisa tokko dubbisaniifi qajeelfama ittiin dubbisan adda baafachuun itti fayyadamuu akka isaan mudachaa jiru salphaadhumatti nuhubachiisa.

Qorannoon kun tooftaalee dubbisuu daree keessatti shaakalsiifaman xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Qaaccessa kana keessatti haala tooftaalee ogummaa dubbisuu shaakalsiisuu keessatti rakkoowwan sababa ta'an erga adda bahanii beekamanii booda yaboon (yaadi furmaataa) itti kennamee jira. Barsiisota kutaa 3ffaa Afaan Oromoo barsiisan biratti tooftaalee ogummaa Afaan Oromoo dubbisuu barattoota shaakalchiisuu irratti rakkoo hedduun akka mul'atu daawwannaa dareefi afgaaffii barsiisotaaf taasifameen qoratamee bira gahame.

Gaaffilee barsiisotaaf dhihaataniin rakkoowwan argaman keessaas, barsiisonni dubbisa shaakalsiisuuf tooftaalee dubbisuu fayyadamuuf xiyyeeffannoo kennuu irratti ilaalchaafi hubannoo garaagaraa qabu.

Tokkoffaa barsiisonni dubbisa irra deddeebiidhaan shaakalsiisuuf tooftaalee ittiin skaakaliisan irratti, qajeelfamoota dubbisuu hubachiisuu irratti hanqinni jiraachuun hubatameera.Qorattuun afgaaffii barsiisotaa dhiheessiteen tooftaaleen dubbisuu kitaaba barataa keessatti bakka dubbisni jiru hundaatti akka shaakalsiifnuuf hinjiru jechuu. Qajeelfamoonni tooftaaleen dubbisuu kun ittiin raawwataman barreeffamee kan hinjirre ta'uu isaa irraa kan ka'e tooftaalee dubbisuu bifa walfakkaataa ta'een shaakalsiisuu irratti hanqinni akka jiru daawwannaa daree waliin mirkaneessite.

Tooftaalee dubbisuu xiyyeeffachuun itti gargaaramuu irrattis hanqinni qophaa'ummaa dhabuu barsiisota bira akka jiru beekameera. Kana jechuunis barsiisonni akkuma itti fakkaatetti dubbisa shaakaliisuu malee duubee barattoota kanaa bu'uureffachuun tooftaa gaarii ta'ee gargaaruu danda'u fayyadaman hinqaban.

Bifuma walfakkaatuun barsiisonni yeroo tooftaalee ogummaa dubbisuu shaakalsiisan sirnaan tartiiba isaa eeganii shaakalchiisuu irratti hanqinni akka jiru ilaalame. Dabalataanis ulaagaa dubbisi gaariin tokko guutee argamuu qabu fayyadamuun shaakalsiisuu dhabuun isaanii akkaataa dubbisuu barattootaa akka gufachiisutti hubatame.

Dubbisa shaakalsiisuuf gosoota dubbisuu jiran kan jalqaba ittiin shaakalsiifamuufi itti aanee hojiirra oolu fayyadamaa akka hinjirres bira gahame. Kana jechuun fakkeenyaaf jalqaba dubbisiisuu irratti akkaataa itti shaakalsiisan dubbisa sagaloo fayyadamuudhaani; itti aansuun dubbisa callisaa fayyadamuu osoo qabanii lamaan isaa dubbisa tokko keessatti akka hinfayyadamnetu ture. Yoo lamaan isaa fayyadamanis dubbisa callisaa dubbisa sagaloo dursuun shaakalchiisuu isaaniitu qorannoo kanaan bira gahame. Kanaaf akkaataan itti barsiisonni barsiisan tooftaalee ogummaa dubbisuu shaakalsiisuuf fayyadaman faallaa saayinsii dubbisuu akka ta'e beekame.

Gaaffiin biroon barsiisonni haalota ogummaa dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa geessisan xiyyeeffatanii tooftaalee dubbisuu ittiin shaakalsiisan filachuu irratti hanqinni jiraachuu isaa agarra.

Akka fakkeenyaatti dhiibbaa tooftaalee ogummaa dubbisuu shaakaluu barattoota kana irra jiru karaa maatii, barsiisaa, barattootaafi haala naannootiin walqabatee mul'atu hanqisuuf ykn xiqqeessuuf barsiisaa D qofatu yeroo xiyyeeffannoo itti laatanii hojjetan daawwii dareefi afgaaffii dhihaateefiin mirkanaa'e. Barsiisonni hafan A,B fi C garuu tooftaa dubbisuu ittiin dhiibbaa jiru kana gufachiisuun danda'amu filatanii itti gargaaramanii argaman hinjiru. Kun immoo tokkoffaa barattoota sadarkaa tokkorra jiran ogummaa dubbisuu gonfachuu irratti garaagarummaa bal'aan akka jiraatu gochuu irra darbee afaan ofii guddifachuu irratti daanqaa ta'a.

Dhuma irratti, barsiisonni duubee barattootaa bu'uureffatanii tooftaalee ogumma dubbisuu shaakalsiisuu irratti hanqinni akka jirutu mul'ate. Kanas odeeffannoo barsiisonni afgaaffii irratti kennaniifi daawwannaa dareetiin ilaalame irraa hubachuun akka dandaa'ame barsiisonni kaka'umsa ofiitiin barattoota duubee garaagaraa keessaa dhufan kana gargaaruuf wanti qabatamaa ta'e dhibuu isaati. Walumaagalatti qorattuun qorannoo adeemsiste kana keessatti hanqinoota mul'atan akka armaan oliitti cuunfuun dhiheessite.

## 5.2 Argannoo

Akkaataa qorannoo kanaan ifoomeen dhimmootni tooftaa dubbisa tokko ittiin shaakalaniifi ogummaa dubbisuu gonfachuu waliin walqabatanii mul'atan muraasni jiraachuudha. Isaan kanas yoo kaasne

- Tooftaalee dubbisuu bakka itti shaakalsiifamuu qabanitti utuu hinbarreeffamin hafuun akka tokkootti ilaalama.
- Qajeelfamoota dubbisuufi wantoota dubbisi gaariin tokko guutee argamuu qabu kitaaba barataa keessatti qophaa'uu dhabuun qorannoo kanaan argameera.
- Barsiisotni mana barumsichaa kitaaba walfakkaataafi kutaa walfakkaataa keessaa utuu barsiisanii haalaafi tooftaalee ogummaa dubbisuu shaakalchiisuu walitti dhiyaatu fayyadamuu dadhabuu.
- Barsiisonni tooftaa ogummaa dubbisuu dubbisa dubbisan sirnaan akka barbaachisummaa isaatti shaakalchiisuuf qophii dursaa gochuu dhabuu.
- Barsiisonni duubee barattootaa ka'umsa godhatanii tooftaalee ogummaa dubbisuu filatanii shaakalsiisuu dhabuu.
- Barsiisonni barattoota Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenyeef deeggarsa addatti barbaachisu guutummaa guutuutti kennuu dhabuu.
- Wantoota ogummaa dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa geessisan furmaata barbaachuun guutummaa guutuutti gufachiisuu dhabuu. Kana jechuun maatii waliin hariiroo uumuu dhabuu.
- Bakki dubbisaa barsiisotaan daree keessatti qophaa'uu dhabuu.
- Tooftaalee dubbisuu gaarii ta'an filachuun dubbisa ittiin shaakalsiisuu dhabuu.
- Wantoota dubbisni gaariin guutuu qabu fayyadamuu dhiisuu.

## 5.3 Yaboo

Cuunfaa qorannoo kanaa irratti hundaa’uudhaan yaadni furmaataa akka armaan gadiitti dhihaateera.

- Kitaaba barnootaa barataa keessatti tooftaalee dubbisuu bakka itti shaakalsiifamuu qabanitti utuu barreeffaminii jiraatanii.
- Akkaataan tooftaalee dubbisuu ittiin shaakalsiisan kitaaba barataa keessatti utuu qophaa’ee.
- Barsiisotni mana barumsichaa kitaaba walfakkaataafi kutaa walfakkaataa keessaa barsiisan tooftaalee dandeettii dubbisuu barattoota kanaa gabbisuu danda’an shaakalsiisuuf haala walitti dhiyaatuun utuu fayyadamanii.
- Barsiisonni tooftaalee ittiin dubbisan sirnaan akka barbaachisummaa isaatti shaakalchiisuuf qophii dursaa utuu godhanii.
- Barsiisonni duubee barattootaa ka’umsa godhatanii dubbisuu shaakalsiisuuf barattoota adda baafatanii utuu beekanii.
- Barsiisonni barattoota Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenyeef deeggarsa barbaachisuun utuu bira dhaabatanii.
- Wantoota dandeettii dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa geessisan furmaata barbaachisu utuu taasisanii.Akkasumas maatii barattootaa waliin mare walirraa hincinne utuu taasisanii.
- Barsiisonni dandeettii dubbisuu barattootaa gabbisuuf gola dubbisaa daree keessatti utuu qopheessanii itti fayyadamanii gaarii ta’a.
- Tooftaalee dubbisuu gaarii ta’e filachuun dubbisa utuu shaakalsiisanii.
- Ulaagaalee dubbisni gaariin guutuu qabu gargaaramuun dubbisuu utuu shaakalsiisanii.

## Wabii


Abiyi Zegeye et al. (2009). *Introduction to Research Method*: Preparatory module for Addis Ababa University Graduate Programmes Graduate Studies and Research office.AAU.

Addunyaa Barkeessaa. (2011*).Akkamtaa*:Yaadrimee Qorannoo Hujoo:Finfinnee,Oromiyaa.

Atkins et al. (1996). *Skills Development Methodology*.Addis Ababa: University Printing Press.

Beekan Gulummaa. (2015).*Tuujuba*:Saayinsiifi Dandeettiiwwan Afaanii,ELLENI P.P.PLC.

Baddiluu Waaqjiraa. (1996).*Besine tsihuuf quwanquwan mastemar*.Finfinnee Mana Maxxansa Nigdii

Brown.D. (2003) *Language Assessment: principles and classroom practices*. San Fancisco, California

Cohen, L. 2007. Research Methods in Education, 5th edition.London and New York.

Dastaa Dassaalany. (2013*). Bu'uura Qorannoo*, Printed by Far East Trading PLC.

Davies, F.(1995). *Introducing Reading*. London: Penguin.

Day, R., & Bamford, J. (2000). Extensive reading in the second language classroom. Cambridge:Cambridge University Press.

Doof. (1988). *Teaching English*: Cambridge University Press.

Dubale Lawgaw (1990).*The impact of Reading Ability in English on the performance of some content subjects*.Unpublished MA Thesis,Addis Ababa.

Filee Jaalataa.(2015). *Seerluga Oromoo*, Xiinqooqaafi Aadaatiin, Univarsiitii Finfinnee.

Geetaachoo Rabbirraa. (2009).*Furtuu Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 9fi 10.*Finfinnee: Dhaabaa

Grabe, W.(1991)."*Current Development in school Language Reading Research*":TESOL QUARTERLY Vol.no,pp:12-14.

Grellet. F. (1981). *Developing Reading Skills.* Cambridge: Cambridge University Press.

Goodman. K. (1971) . *Psychlinguistic Universals in the reading process*.Inp.pimslear and T.Quian (Eds), The Psychology of second language learning Cambridge:Cambridge University Press.

Gootz, P.J.and Margarate, L.D. (1984).*Ethnography and Qualitative Design in Education Research.Florida*:Academic Press.

Harmer, J.(1991).*The practice of English Language Teaching.London*:Longman.

Hedge, T.(1995).*Using Readers in language Teaching.London*:Macmillan Publishers Ltd.

Kumar, R. (2005) . *Research Methodology*. London: Thousand Oaks Calf.

Lammii Kabbadaa. (2016) . *Kitaaba Deeggarsa Barnoota Afaan Oromoo*, Mega Publishing and Distribution P.L.C.

Maanuwaalii Leernjii Sirna Barnootaa Afaan Oromoo Dubbisuu fi Barreessuu Fooyya'ee Qophaa'e (2014).

Marew Alamu, (1998).*Ye Amarinya Quwanquwa Mastemariya Zede*.Bahirdar University: Mana Maxxansaa Birhanina Selam.

Mc Donugh,J.& Shaw,C. (2003).*Materials & Methods in ELT*:A Teacher's Guide (2nded).United Kingdom:Blackwell publishing.

Moser, S. and Kalton, G. (1972). *Survey Methods in Social investigation*. (2nd ed). New York: Basic Book Inc,Publisher.

Nunan, D. (1988).*Understanding Language Classrooms:A Guide for A Teacher intitled Actions*.New York:Principle Hall.

Nuttal.(1982).*Teaching reading skills in a foreign language*.Great Britain:Richard clay Ltd.

Nuttal.C.(1989).*Teaching reading skills in foreign language*.London,Heiman a educational Books Ltd.

Richardson, Nicole, (2010), Guided Reading Strategies For Reading Comprehension Education Masters,paper 19

Sesnan. (1997) *Improving Reading Skills*.Cambridge University Preess.

Smith, F.(1985).Reading.2nd.ed.Cambridge:Cambridge University press

Silbersteion,S.(1994).*Techniques & Resources in Teaching Reading*.Oxford:Oxford University Press

The world book Encyclopedia (1994).v_16,p-155:printed in the United states of America.

Tolamaaram Fufaa.(2017).*Caacculee Shanan Dubbisuu Afaan Oromoo:Mala Saayinsaawaan Dandeettii Barsiisota Afaan Oromoo Cimsuuf Qophha"e*:Social Advertising and printing:Addis Ababa Ethiopia.

Wallace (1992).*Reading*.Oxford University Press.

Wallace,C.2001."Reading"in carter, R and Nunan,David (eds.).The Cambridge Guide to Teaching English to speakers of other languages Teaching as communicatin.Cambridge:Cambridge University Press.

Williams E. (1984).*Reading in the classroom*.Hong Kong: Macmillan publishe

Williams J.P. (2002).*Reading comprehension strategies and teacher preparation*.I.A.E.Farstup and S.J.Samuels (Eds), what Research Has to say about Reading Instraction (p.p.243-260).New York, DE:International Reading Association.

Yigiter K, Gurses T (2004) *Reading strategies employed by ELT learners at advanced level*.Ataturk Universitesi Sosyal Bilimler Enstitusu Dergisi 4(2):209-225.

https://www.teachungenglish.org.uk> ext…

http://www.teachingenglish.org.uk>inte….(Intensive reading |Teaching English | British Council |BBC)

http:// writing.colostate.edu>page www.edu.gov.on.ca> think literacy>files

https://www.teachingungenglish.org.uk>ext...Extensive reading |Teaching English| British Council |BBC

http://www.teachingonline.net / teachingonline/

**በድሉዋቅጅራ**: (1988) *ተሳታፊነት ጭምትነት የስብህና ዓይነት ከድርሰት መፃፍና አንብቦ መረዳት ችሎታ ጋር ያለው ተዛምዶ፣* **በሶስት ኮሌጆች ተማሪዎች ሳይ የተደረገ ጥናት /ያልታተመ/**

# Dabalee A

## YUUNVARSIITII FINFINNEE

Kolleejjii Namoomaa, Afaanotaa, Jornaalizimii, Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii

**Afgaaffii Barsiisaaf Qophaa'e**

Jaallatamoo barsiisaa /stuu kutaa 3ffaa afgaaffiin isiniif dhihaatan kunniin tooftaalee dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo akkaataa kutaa keessatti itti shaakalsiifaman xiinxaluuf kan qophaa'edha.Kanaafuu yaada dhugaa ta'eef deebii dhugaa akka naaf laattan kabajaanan isin gaafadha.

Galatoomaa!

Odeeffannoo Dhuunfaa

Mana Barumsaa-----------------------------------------------------------------------------------------------

Maqaa Barsiisaa------------------------------Eessaafi Kutaa kamiin akka barsiisan---------------------------------

Bara tajaajilaa-------------------- Afaan Oromoo waggaa Meeqaaf Akka Barsiisan--------------------------------------

-----------------------------------------------------

**Gaaffilee,**

1. Tooftaalee ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo kamiin yeroo baay'ee fayyadamtuu?
2. Tooftaalee fayyadamtan sana akkaataa kamiin hojiirra oolchituu?
3. Duubee barattootaa bu'uureffattanii tooftaalee dubbisuu akkamii jijjiirtanii hojiirra oolchituu?
4. Wantoota dubbisni gaariin guutuu qabu akkaataa kamiin gargaaramtuu?
5. Ogummaa dubbisuu barattootaa adda baasuuf gosoota dubbisuu akkamii hojiirra oolchituu?
6. Akkuma waliigalaatti ogummaa dubbisuu Afaan Oromoo irratti barattoonni maal fakkaatuu?
7. Barattoonni Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenye yoo jiraatan gargaarsa attamii gootaniif?
8. Tooftaalee dandeettii dubbisuu barattoonni kun akka gabbifataniif gahee taphattan yoo jiraate.

**Dabalee B**

**YUUNVARSIITII FINFINNEE**

Kolleejjii Namoomaa, Afaanotaa, Jornaalizimii, Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

**Mirkaneeffannaa Daawwannaa Daree Keessaa**

Maqaa mana brumsaa-----------------------------------------------------------------------------------------------------------------

Kutaafi Daree----------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------

Koodii barsiisaa /stuu------------------------------------------------------------------------------------------------------------------

Mirkaneeffanni kun, barsiisaan /stuun Afaan Oromoo barsiisan akkaataa shaakallii tooftaalee dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu ilaalchisee adeemsa hordofamu beekuuf kan qophaa’eedha.Kanaaf, gabatee armaan gadii keessa mallattoo (√) kaa’uudhaan ilaalama.

| T/L | Qabiyyeewwan daree keessatti ilaalaman | D/Olaanaa | Olaanaa | Giddugaleessa | Gadaanaa |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Tooftaalee dandeettii dubbisuu fayyadamuun shaakalsiisuu ilaalchisee | | | | |
| 2 | Dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu shaakalchiisuu irratti | | | | |
| 3 | Barattoota Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenye adda baafachuun shaakalsiisuu | | | | |
| 4 | Dubbisuuf miirri waldorgommii barattoota keessatti akka uumamu gochuuf kakaasuu irratti. | | | | |
| 5 | Duubee barattootaa bu’uureffachuun tooftaalee dubbisuu garaagaraa fayyadamuu | | | | |
| 6 | Akaakuu dubbisuu shaakalsiisuu irratti | | | | |
| 7 | Rakkoo dubbisuurratti mudatan maqsuu | | | | |
| 8 | Qajeelfamoota tooftaalee dubbisuu hubachiisuu | | | | |
| 9 | Ulaagaalee dubbisni gaariin guutuu qabu fayyadamuun dubbisa shaakalsiisuu irratti | | | | |

**Dabalee C**

**Cuunfaa Daawwannaa Daree Marsaa Tokkoffaafi lammaffaa**

| Lak. | Qabiyyee Daree keessatttti ilaalaman | Koodii Barsiisotaa | | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | A (23fi 30/7/2011) | | | | B(25/7/11fi 2/8/20011) | | | | C (27/7fi1/8/2011) | | | | D (24/7fi4/8/2011) | | | |
| | | D/o | Ol | Gg | Gad | D/o | Ol | Gg | Gad | D/o | ol | Gg | Gad | D/o | Ol | Gg | Gad |
| 1. | Tooftaalee ogummaa dubbisuu fayyadamuun shaakalsiisuu ilaalchisee | | | √ | | | | | √ | | | √ | | | √ | | |
| 2. | Dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu shaakalsiisuu irratti | | | √ | | | | | √ | | | √ | | | √ | | |
| 3. | Barattoota A/Oromoo dubbisuu hindandeenye adda baafachuun shaakalsiisuu | | | | √ | | | | √ | | | | √ | | √ | | |
| 4. | Dubbisuuf miirri waldorgommii barattoota keessatti akka uumamu gochuuf kakaasuu irratti. | | | √ | | | | | √ | | | √ | | | √ | | |
| 5. | Duubee barattootaa bu'uureffachuun tooftaalee dubbisuu garaagaraa fayyadamuu | | | √ | | | | | | √ | | | √ | | √ | | |
| 6. | Akaakuu dubbisuu shaakalsiisuu irratti | | | √ | | | | | √ | | | √ | | | √ | | |
| 7. | Rakkoo dubbisuurratti mudatan maqsuu | | | √ | | | | | √ | | | | √ | | √ | | |
| 8. | Dubbisuu fooyyeffachuuf malleen jiran | | | √ | | | | | | √ | | √ | | | √ | | |
| 9 | Wantoota dubbisni gaariin guutuu qabu fayyadamuun dubbisa shaakalsiisuu irratti | | | | √ | | | | | √ | | | √ | | | √ | |

**Ibsa:** D/o =Daran olaanaa; Ol=olaanaa; Gg=Giddu galeessa; Gad=Gadaanaa

## Dabalee D

## Cuunfaa Daawwannaa Daree Marsaa Sadaffaafi Afuraffaa

| Lak. | Qabiyyee Daree keessatttti I laalaman | Koodii Barsiisotaa | | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | A(16 fi 28/8/2011) | | | | B(17 fi 29/8/2011) | | | | C(14/fi 1/8/2011) | | | | D(14 fi 28/8/2011) | | | |
| | | D/o | ol | Gg | Gad | D/o | Ol | Gg | Gad | D/o | ol | Gg | Gad | D/o | ol | Gg | Gad |
| 1. | Tooftaalee dandeettii dubbisuu fayyadamuun shaakalsiisuu ilaalchisee | | | √ | | | | | √ | | | √ | | | √ | | |
| 2. | Dubbisa Afaan Oromoo dubbisuu shaakalsiisuu irratti | | | √ | | | | | √ | | | √ | | | √ | | |
| 3. | Barattoota A/Oromoo Dubbisuu hindandeenye adda baafachuun shaakalsiisuu | | | √ | | | | | √ | | | √ | | | √ | | |
| 4. | Dubbisuuf miirri waldorgommii barattoota keessatti akka uumamu gochuuf kakaasuu irratti. | | | √ | | | | | √ | | | √ | | | | √ | |
| 5. | Duubee barattootaa bu'uureffachuun tooftaalee dubbisuu garaagaraa fayyadamuu | | | √ | | | | | √ | | | √ | | | | √ | |
| 6. | Akaakuu dubbisuu shaakalsiisuu irratti | | | √ | | | | √ | | | | √ | | | | √ | |
| 7. | Rakkoo dubbisuu irratti mudatan maqsuu | | | √ | | | | | √ | | | √ | | | √ | | |
| 8. | Dubbisuu fooyyeffachuuf malleen jiran | | | √ | | | | √ | | | | √ | | | √ | | |
| 9 | Ulaagaalee dubbisni gaariin guutuu qabu fayyadamuun dubbisa shaakalsiisuu irratti | | | | √ | | | | √ | | | | √ | | | √ | |

**Ibsa:**D/o=Daran olaanaa; ol=olaanaa;Gg=Giddu galeessa;Gad=Gadaanaa

## Dabalee E
## YUUNVARSIITII FINFINNEE

## Kolleejjii Namoomaa, Afaanotaa, Jornaalizimii, Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

**Cuunfaa deebii afgaaffii irratti barsiisonni kennanii**

Barsiisonni af gaaffiin kun dhyaateef afur yeroo ta'an isaan keessaa dhiirri sadii dhalaan immoo tokko. Hundumti isaaniiyyuu Mana Barumsaa Burqaa Wayyoo irraa kan fudhatamaniidha.Barsiisota kanaafis utuu isaan gaaffiifi deebiitti hindhiyaatin dura koodiin A-D ttikennameefii jira.Afgaaffiin barsiisota kanaaf dhiyaate kunis yeroo garagaraafi kopha kophaatti.Haaluma kanaan ,barsiisonni koodii A fi B'n kennameef erga daawwiin daree isaanii marsaa tokkoffaan geggeeffamee booda gaafa 20/8/2011fi 24/8/2011 geggeessite yoo ta'u, warri koodiin isaanii C fi D'n ta'an immoo gaafa 11/9/2011 geggeessita. Haaluma kanaan deebiin isaan kennanis akkaataa walfakkaataa ta'eefi garaagarummaa qabuun cuunfaan isaa armaan gaditti dhiyaateera.

Qorattuu: Tarsiimoolee dubbisuu Afaan Oromoo kanneen daree keessatti irra deddeebiidhaan shaakalchiisuuf fayyadamtan naaf ibsaa?

Barsiisaa-koodii A'n deebiin isaan kennan,"Kan yeroo baay'ee itti fayyadaman gadifageenyaan dubbisuudha.Tarsiimooleen dubbisuu isaan sadan hafan sadarkaa ijoollee waliin waan hindeemneef."jechuun deebii kennaniiru.

-koodii B'nis deebiiyeroo kennan "Gadifageenyaan dubbisuudha.'
jedhanii garuu sababa tokkoyyuu hinibsine.

-koodii C'n deebii yeroo kennan "saffisaan dubbisuufi sakatta'aan dubbisuudha"jedhan.Kunis ergaafi yaadolee xixiqqoo gaafachuufiidha.

-koodii D'n immoo,"Gadifageenyaafi sakatta'aan dubbisuu"jedhan.Hubannoon barattootaa salphaa irraa gara cimaatti akka guddatuufi.

Qorattuu:Tarsiimoolee yeroo baay'ee fayyadamtan kana tooftaalee akkamiitiin hojiirra oolchituu?

Barsiisaa-koodii An deebiin isaan kennan,"Dubbisa callisaan dubbisiisuufi carraa barattoota muraasaa laachuufiin sagalee olkaasanii akka dubbisani godha"jedhuun deebii kennan.

-koodii B'n "Dubbisa sagalee ol kaasanii akka dubbisan gochuudhaan."jedhaniiru.

-koodii C’n ammoo,”Barattootaaf carraa laadheefiin akka dubbisan taasisa;ariitiifi sakatta’aan akka dubbisanin taasisa.”jedhan.

-koodii D’n ,Tooftaalee dubbisuu garaagaraatti akaataa adda addaatiin akka fayyadaman yeroo ibsan,”Jalqaba ofii kootiin sagalee ol kaasee dubbisa;barattoota dubbisuu danda’an sagalee olkaasuun dubbisiisuu;kanneen dubbisuu hindandeenye akkeessuun akka dubbisan gochuufi akka waldorgomuun dubbisanin godha.”jedhan.

Qorattuu:Duubee barattootaa bu’uureffattanii tooftaa akkamii jijijjiirtanii tarsiimoolee dubbisuu hojiirra oolchitu?

-koodii A,B fi C’n beebii kennaniin,”Barattoota Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenye adda baafahuun garee dubbisuu danda’an keessatti ramaduudhaan. Wayitii boqonnaa isaaniittis qubee Afaan Oromoo shaakalchiisuun .”jedhan.

-koodii Dnis deebii kennaniin,”Jalqabuma dubbisuu irraa eegalee yeroo barattoonni sagalee jechootaa sirrii ta’e dubbisuu dogoggoran sirreeffama laachuufiin kanneen dubbisuu hindandeenye adda baasuun gargaara.”jedhan.

Qorattuu:Gulantaalee dubbisuu akkamitti hojii irra oolchituu?

-koodii A,B fi C’n deebii laataniin,”Kan kitaaba barataarra jiru hojjisiisna.”jedhan.

-koodii D’n immoo,”kan kitaaba irra jiru qofa osoo hintaane ofii qopheessuun shaakalchiisa.”jedhaniiru.

Qrattuu:Gilgaalota tarsiimoolee dubbisuutiin walqabatan yeroo hunda nihojjisiistuu?Yoo hojjisiistan rakkoo maalii fa’itu isin mudata?

-Koodii A,B,C fi D’n deebii yeroo kennanitti,”Eeyyee nihojjisiisna jechuun,rakkoo isaan mudatu yeroo ibsan,barattoonni daree keessatti baay’achuun akka itti gilgaalota kenninuuf sororree fixnuuf dhabuu,qabiyyeen dubbisa keessaafi gaaffiin gilgaala irra jiran bakka tokko tokkotti wal simuu dhabuu.”jedhan.

Qorattuu:Barattoonni akkuma walii galaatti dubbisa dubbisan hammam hubatuu?

-koodii A,B fi C’n akka ibsanitti,”Giddugaleessa.”jedhan.

-koodii D’n ammoo,”Olaanaadha.Sababiin isaas kana dura afaan kanaan barachaa kan hinturreefi yeroo gabaabaa kana keessatti dubbisuu danda’uun isaaniiyyuu cimina isaaniiti.”jedhu.

Qorattuu:Barattoonni Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenye yoo jiraatan gargaarsa maalii gootaniif?

-koodii A,B fi C’n yeroo himan,”Barattoota Afaan Oromoo dubbisuu hindandeenye kanneen dubbisuu danda’an biratti ramaduudhaan akka wal shaakalsiisan goona.”

-koodii D’immoo,”kanneen dubbisuu hindandeenye daree keessatti shaakalsiisaan sirreeffama laachaafii deema.”jedhan.